



Abuna Maateyaas



Kaardinaal Birhaana Yasuus



Luba Doktor Yoonaas Yiggazuu



Paastar Tsaadiquu Abdo



Abbootiin amantaa Ergaa Baga ayyaana du'aa ka'uu bara 2016 geessanii dabrsan

- Nagaafi araari ergaa dhoksa guyyichaa ta'uus ibsan

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Abbootiin amantaa Kiristaanaa hordofoota amantichaa biyya keessaafi ala jiran maraaf baga ayyaana Du'aa Ka'uu Yesuus Kiristoos bara 2016 nagaan isin gahe jechuun ergaa dabarsan. Ayyaanichis

guyyaa hiiki du'aa ka'uu nagaafi araaraan ittimul'atu jechuun ibsaniiru.

Paatiriyariikiin Bataskaana Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaa Abuna Maatiyaas hordofoota amantichaa biyya keessaafi alaa, akkasumas daangaa biyyaa eegan hundaaf ergaa baga ayyaana Du'aa Ka'uu bara 2016 geessanii dabarsan. Ergaasaanii

keessatti guyyaan du'aa ka'uu guyyaa jaalalli dhugaan dhala namaatti mul'ate waan ta'eef hordofoota amantichaa biratti hiika guddaa qaba jedhaniiru.

Hordofootni amantichaas seera uumamaa cabsuu, jibba, waraana, garaajabaachuufi of jaalachuurraa fagaachuun ergaa du'aa ka'uu jaalalaa, nagaan,

Gara fuula 18tti



Gumichi milkaa'ina marii biyyaalessaatiif qoodasaa bahachaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Gumiin Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa mariin biyyaalessaa adeemsifamuuf jedhiru akka milkaa'uuf deggarsa gamasaa taasisaa jiraachuu ibse.

Gara fuula 18tti

"Misoomni koriidarii dandeettiin raawwachuufi raawwachiisuu biyyattii kan mul'iseedha"

- Ministira Muummaa Abiyyi Ahmad(PhD)

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Misoomni koriidarii Finfinnee dandeettiin raawwachuufi raawwachiisuu biyyattii kan ittimul'ate ta'uu Ministirri Muummaa Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktor Abiyyi qaamolee raawwachiiftuu misooma koriidarii Finfinnee waliin Kibxata darbe wayita mari'atanitti misoomichi dandeettii raawwachuufi raawwachiisuu, dheebuu misoomaaf deggersi ummataa, humnaafi qabeenya keessoon waan guddaa hojjechuun akka danda'amu kan itti hubatame ta'uu eeraniiru.

Misoomni kun lafa kiilomeetira 48.7 kan uwwisu yoo ta'u, kallattiiwwan filatamoo shanirratti adeemsifamaa jira. Hojiinsaa

Gara fuula 18tti



"Omishni misooma jallisiirraa arganne hojii qonnaa ittaanuuf nu kakaaseera"

- Horsiisee bultoota Godina Booranaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Horsiisee bultoonni godina Booranaa omishaaleen bara darbe misooma jallisii fayyadamuun argatan hojii qonnaa ittaanuuf akka isaan kakaase ibsan.

Horsiisee bultoonni kunneen tibba

Gara fuula 23tti

Godansi buddeena abjuu wareegama qaalii lammii kaffalchiisaa jiruudha

fuula 2

Itoophiyaan argannoo qonnaan dursitus wabii nyaataan boodatti arganti

fuula 3

Inisheetiwwan 28 omishaafi omishtummaa dabaluufo hojiirra oalan

fuula 3

ODUU



Aade Xayyibaa Hasan

Godaansi buddeena abjuu wareegama qaalii lammii kaffalchiisaa jiruudha

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Otoo biyyuma keessatti hojjetanii jijjiiramun danda'amu kanneen buddeena abjuuf gammoojjii dhumanii irbaata allaattii ta'an manni lakkaa'ee hinfixu. Utuma yaaddessaarra jiranii kanneen bidiruu/dooniin ittiin garagalee soorata qurxummii ta'anis hedduudha. Godaansi rakkoo addunyaa ta'us kan biyyoota guddinarra jiranii garuu daran hammaataadha.

Hammeenyummaa godaansaafi namoota godaansarraa deebi'anii ilaalchisee Gaazexaan Bariisaa tibba darbe Hoggantuu Olaantuu Tajaajila Godaansaafi Namoota Godaansarraa Deebi'anii Aade Xayyibaa Hasan waliin turtii taasiseera.

Akka isaan jedhanitti, namootni biyya hambaatti godaan mana, qotiyoofi qabeenya asitti hojjetanii ittiin jijjiiramu danda'uu gurguruun imalaafi darara ijibbaachisaaf of saaxilu. Imala seeraan alaa gammoojjii galaanarra taasifamuun kan qaama qalbii hir'atu danuudha. Kaan qabeenya manaa guddunfatee ba'e faddaalatti fixuun osoo bakka yaade hinga'in mana hidhaatti of arguun maraata.

Faddaltooni biyya hamba jannata lafarraa fakkeessuun namoota biyyaa baasanis darari battala mana ba'anitti eegala jedhanii; abjuu guutaman bira ga'uufis ta'e erga bira ga'anii aarsaan kaffalamu tilmaamaa ol ta'uu hubachiisaniiru.

Namootni du'a baraaramuun biyya Arabaa ga'an hedduusaanii tiksee gaalaafi re'ee ta'uuf dirqamu. Akkuma, "Du'arra ekeraa wayya" jedhamu, warra galaanaafi gammoojjii keessatti dhumanirra warra tiksee ta'an wayya yoo jedhame malee tiksee ta'uun qonna biyya abbaa ofirra akka hinfilatamne ibsaniiru.

Yeroo baay'ee maallaqa argachuuf jecha faddaaltonni badhaadhina malee qormaata biyya hamba hindubbatan. Sababa kanaan namootni biyya keessatti osoon jijjiiramu danda'anii godaansaaf qalbiinsaani fannifama kan jedhan hoggantuun tun; keessattuu yeroo ammaa biyyootni Arabaa Itoophiyaanotti itti godaanuuf abbalan rakkoo nageenyaa hamaa keessa waan jiraniif wareegama qaalii kan kaffalchiisu ta'uu hubachiisaniiru.

Mootummaan Sawudi Arabiyaa Itoophiyaanota kanaan dura karaa seeraas ta'e seeraan ala gara biyyattiitti godaan humnaan gara biyyaatti deebisaa jiraachuu himanii; taateen mudachaa jiru kun karoora mootummaatiin ala ta'us waan lammii biyyattii ta'aniif yeroo ammaa sochiin deebisani dhaabu bal'inaan taasifamaa jira jedhaniiru.

Haaluma kanaan koreen qooda fudhattoota hedduu of keessatti hammatu sadarkaa biyyaatti hundaa'uu ibsani; godaantota kunneen deebisani dhaabuuf federaalaa hanga naannooti hojiin qindoominaa koree kanaan hojjetamaa akka jirus himaniiru.

Gama biraatiin lammiiileen karaa seera qabeessaan mirgisaanii egameefii biyya hamba dalagatanii akka deebi'an haalli mijaa'uu himanii; karaa seeraan deemuun mirga hojjetaafis ta'e galii biyyaatiif gumaata guddaa qabaachuu dubbataniiru.

"Itoophiyaan Hidha Laga Abbayyaa hunda fayyadu waan ijaarteef deeggaramuu qabdi"

Doktar Immiruu Gammachuu

(Hayyuu buulchiinsa lageen daangaa ce'anii)


Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Itoophiyaan Hidha Laga Abbayyaa hunda fayyadu waan ijaarteef deeggarsa maluuf argachuu qabdi jechuun Yunivarsitii Haramayaatti hayyuu bulchiinsa lageen daangaa ce'anii Doktor Immiruu Gammachuu ibsan.

Doktar Immiruu ibsa deengadda Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, hidhi Laga Abbayyaa faayidaa biyyoota yaa'a laga Abbayyaa gara oliifi gara gadii waan eeguuf biyyootni miseensa yaa'a lagichaa Itoophiyaaf deeggarsa malu taasuu qabu. Qabeenyi bishaanii laga Abbayyaa qabeenya waloo biyyoota yaa'a lagichaa hundaa ('shared resource') malee kan biyya tokkoo miti.

Lagni Abbayyaa biyyoota miseensa yaa'a lagichaa 11f qabeenya walooti. Ta'us dhibbantaan 86 Itoophiyaarraa ka'ee daangaa qaxxaamuruu faayidaa biyyoota kanneenii guutuuf shooraa olaanaa taphachaa jira. Qabeenya waloo kana Misir mirga ittifayyadamuu Itoophiyaa dhorkachuuf biyyoota dhiyaa waliin ta'uun Itoophiyaan madda faayinaansii akka hinarganne gochuuf yaaltus Itoophiyaan ALA bara 1958-64 maastar pilaanii pirojektota hidha ijaaramanii qorachiistee pirojektota 33 adda ba'an keessaa kan Hidha Laga Abbayyaa isa tokko jedhan.

Bu'uuruma kanaan tasgabii Itoophiyaatti uumame hordofuun ALA 2010 erga ijaarsi Hidha Laga Abbayyaa eegalamee waggoota 13 lakkoofsiseera. Wayita ammaas gargaarsa



Hidha laga Abbayyaa bara 2016

biyyoota miseensa yaa'aa laga Abbayyaa tokko malee ijaaruun danda'ameera.

Hidhi ijaarames eegumsaafi kunuunsa maluuf argachuu akka qabu himanii; keessumaa balaan gogiinsaafi lolaa akka hinhubamneef yaa'a hidhichaa hordofee kunuunsi biyyeeffii bishaanii (ashaaraa magariisaa) baasii Itoophiyaatiin geggeeffamaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Aworooppaatti lagni Raayin Rippabilikii Cheekitti argamu osoo hinfaalamiin tajaajilaa kan jiru waan Jarman Cheekiif deeggarsa taasisteeffii taasaa jirtuuf ta'uus akka fakkeenyaatti kaasaniiiru. Kan Itoophiyaas haaluma kanaan hojiirra ooluu qaba jedhaniiru.

Hidhi guddichi Aswaan Misiritti argamus waggaatti bishaan meetirkiyuubii biliyoona 10-14 hurkaan akka gadhiisuu

himanii; hidhi Itoophiyaan ijaarte garuu metirkiyuubii lamatti kan dhiyaatu ta'uun bu'aaqabeessummaa hidhichaa agarsiisa jedhan.

Horsiisa qurxummii babal'isuun nyaata madaalawaa lammiiileen hundaa qaqqabsiisuu sagantaa maaddii guutuuf tumsa guddaa akka ta'us eeranii, omisha qurxummiifi anniisaa elektirikii argamu biyyoota ollaaafi gatii madaalawaan dhiyeesuun sharafa alaa argamsiisuun walittidhufeenya biyyoota miseensota yaa'ichaa cimsuufis ta'e carraa hojii uumuuf ni oola jedhan.

Bu'aan hidhicharraa argamu biyyoota yaa'a lagichaas waan fayyaduuf bu'aa waloosaanii eeggachuuf eegumsaafi kunuunsa hidhichaaf taasifamu cimsuuf tumsa gamasaanii gochuu akka qabaman dhaamaniiru.

Wallagga Lixaatti duula Shaneerratti taasifamaa jiru keessatti qoodni milishaa olaanaadha

Rippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Godina Wallagga Lixaatti duula Shaneer dhabamsiisuuf taasifamaa jiru keessatti qoodni milishaa olaanaa ta'uu Bulchiinsi Godinichaa beeksise.

Bulchaan godinichaa Obbo Solomoon Taammiruu Wiixata darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, dirree dimokraasii babal'isuuf jecha mootummaan jijjiiramaa akkuma gara aangooti dhufeen Adda Bilisummaa Oromoo loltootasa waliin gara biyyaatti deebi'ee qabsoo karaa nagaa akka gaggeessuuf waamichi taasiseen biyya galeera. Ta'us qaamni ergama badii qabate Shaneen gara bosonaatti maquusaan rakkoo nageenyaa biyyattiif ka'umsa ta'eera.

Humni kun maqaa qabsoon ummata dararu, ajjeesuu, shororkeessuu, nama lubbuun jiru qabee humnaan galaanaafi qileetti gatu, namni osoo lubbuun jiru ibiddaan gubuu, namoota nagayaa jumlaan ajjeesuu, qabeenya nama dhuunfaafi mootummaarratti saamicha gaggeessuu, qabeenya gubuu, nama ugguree qabeenya miliyoonaan lakkaa'amu gaafachuu



Obbo Solomoon Taammiruu

hojiisaa idilee godhatee waggoota afran darbanifi socho'aa ture.

Miidhaa murni kun raawwataa tureen ummatni Oromiyaa lixaa adda durummaan midhamoodha kan jedhan Obbo Solomoon waggoota darbanitti humna kanaan Godina Wallagga Lixaa qofatti waajjiraaleen mootummaa 880, dhaabbileen barnootaa 200, kellaawwan fayyaa 170, giddugalli leenjii qonnaan bulaa 150fi manneen nama dhuunfaa

kumaatamaan lakkaa'aman gubataniiru jedhan.

Murnichi kallattiidhaan dhaabatee kan lolu ta'uu dhabuun haalli argamaafi bosona godinichaa humnichaaf mijataa waan ta'eef umriin humna kanaa dheerachuu danda'eera jedhanii, yeroo ammaa walnyaatinsa gidduusaatti uumameefi oppireeshinii qindaa'aa taasifamaa jiruun baay'inaan harka kennachaa jiraachuu eeraniiru.

Ji'a tokko dura godinichatti miseensotni murna badii kanaan namootni 130, ji'a kana keessa namootni 80 mootummaatti harka kennatanii badii ummatarratti dalaganiif dhiifama gaafataniiru. Haa ta'umalee, ammaan tana sochiin murnichaa daran dadhabaa dhufus nama uggurani qarshii gaafachuun bakka tokko tokkotti ni mul'ata jedhan.

Haala qabatamaa amma jiruun Raayyaan Ittisa Biyyaa qe'ee namaarra deemee murcha funaanuuf ergaa biraa waan qabuuf hojiin humna milishaa deebisaanii gurmeessuu bu'uura labsii caffen baaseen hojjetamaa jiraachuu himaniiru. Yeroo ammaa milishaan ijaamee poolisii idilee waliin Shaneer funaanaa jiraachuu ibsaniiru.

ODUU



Inisheetiviiwwan 28 omishaafi omishtummaa dabaluuf hojiirra oalan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Oromiyaatti potenshaala qonnaa uumamaan jiru duguuganii fayyadamuun omishaafi omishtummaa dabaluuf innisheetiviiwwan garaagaraa 28 bocamanii hojiirra oolaniiru.

Naannichi potenshaala omishaa damee heddurratti qabu kana ilaalcha keessa galchuun xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuun omishaafi omishtummaa qonnaa gama maraan dabaluun inisheetiviiwwan garaagaraa 28 bocuun erga hojiitti galee waggoota lakkoofsiseera. Inisheetiviiwwan kunneen gariisaanii mootummaa fedaraalaatiin kan gad bu'an yoo ta'u, gariisaanii ammoo haala qabatamaa naannichaa yaada keessa galchuun sadarkaa naannootti kan bocamaniidha.

Inisheetiviiwwan omishtummaa dabaluuf naannichatti hojiirra oolan keessaa inisheetivii qamadii, garbuu biiraa, maashoo ruuzii, boqqoolloo, salixii, boloqqee, ocholoniifi kanneen biroo bal'inaan hojiirra oolchaa kan jiru yommuu ta'u asiidummaa biyyee hir'isuufi gabbina biyyeef ammoo inisheetivii nooraafi kompostii raammoo qophessuun hojjetamaa jira.

Haaluma walfakkaatuun gama misooma beeyiladaatiin inisheetiviin maaddii guutuu xiyyeeffannoo argatee bu'aa abdachiisaan itti galmaa'aa kan jiru yommuu ta'u, gama eegumsa naannoottiin bu'aa barbaadamu argachuuf inisheetiviin ashaaraa magariisaa naannichatti lafa qabachaa jira.

Inisheetiviiwwan kunneen naannichatti omishaafi omishtummaa qonnaa dabalaa kan jiru ta'uu Ittigaafatamaan Waajjira Pirezidaantii Naannichaa Doktor Abdullaaziiz Daawud gabaasa raawwii hojii ji'a sagalii naannichaa yommuu dhiyeessan ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, inisheetiviiwwan kunneen keessaa sadarkaa biyyaatis ta'ee sadarkaa naannootti omisha alaa galaa ture biyya keessatti omishuun bakka buusuu cinatti wabii midhaan nyaataa mirkanessuufi alergii dabaluuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jira. Ganna darbe misooma

Gara fuula 18tti

Itoophiyaan argannoo qonnaan dursitus wabii nyaataan boodatti argamti

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Biyya argannoo qonnaan dursitu Itoophiyaatti wabiin nyaataa rakkoo ammaa ta'uun taatee qaanessaadha. Itoophiyaan biyyoota jaarrota hedduu dura qonna argatan keessaa ishee tokko taatus qonna ammayyaan lammiishee beela keessaa baasuu dhabuun dhimma hibboo ta'edha.

Gorsaan Ministira Qonnaa Geetachoo Diribaa (PhD) kitaaba bu'aa ce'ii qonnaa biyyattii bara dhibbaa ibsu mataduree "Jijjiirama tiranna qonnaafi daandii ce'umsa misooma baadiyyaa" jedhuun qabatanii as ba'anii jiru. Gaazeexaan Bariisaas qabiyyee kitaabichaafi muuxannoo qonna Itoophiyaa ilaalchisee tibba darbe Doktor Geetachoo waliin turtii taasiseera.

Itoophiyaan biyyoota jaarraawwan hedduu dura qonna argatan keessaa tokko yommuu taatu nama boonsa, hanga ammaatti gaaffiin daabboo deebii argachuu dhabuun nama qaanessa, kan jedhan barreessaan kun; sanyiiwwan midhaan garaagaraafi beeyiladootaa diqaalomsuun beekamtii gonfatus argannoorra kan darbe omishtummaa guddisuun dhukkubbii mataa ta'ee jira jedhaniiru.

Biyyootni argannoo qonnaa keessaa qooda hin qabne Itoophiyaa booda ka'anii wabii nyaataa erga seenaa taasisanii bubbuleera. Waggoota 25 oliif wayita biyyoota hambaa garaagaraa keessa turanitti biyyi qonni lafee dugdaashee ta'e Itoophiyaan damee qonnaan jijjiiramuu dhabuun gaaffii yeroo maraa sammuu Doktor Geetachoo keessa deddeebi'u ture. Maarree, kanuma bu'uuraa godhachuun hanqina ture akka barnootaati cimina xiqqoo jirus akka riqichaatti fayyadamuun muuxannoo addunyaa itti dabaluun gorsa imala gara fuulduraa kitaabatti gudunfatani as ba'aniiru.

Misoomni koriidariichaa magaalaa jireenyaaf mijattuu taate kan uumuudha


Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Misoomni koriidarii Finfinnee, miidhagina rogawwan maraa dabaluun magaalaa jiraattotaaf mijattuu uumuuf kan gargaaru ta'uu jiraattotni magaalattii ibsan.

Jiraattotni kunneen tibba darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Finfinneen bareedinaafi bu'uuralee misoomaa maqaashee madaaluu qabachuun waan maluufiif misoomni koriidarichaa yommuu xumuramu jireenyaaf daran mijattuu ishee taasisa,

Waggoota 38f Kutaa Magaalaa Araadaa, naannawa Riqicha Raasmokonnin jiraachaa kan turan Pirofeesar Biruk Hayiluu akka jedhanitti, Finfinneen teessoo dhaabbilee idiladdunyaafi gamtaa Afrikaati. Niwuyorkitti aantee magaalaa dippiloomaasii addunyaa sadarkaa 3ffaarratti argamtuudha.

Waggoota achi jiraataan guutuu magaalattiin osoo hoomaa hinjijjiirramin turunsee gaarii akka hinturre himanii, akkuma magaalota



Akka isaan jedhanitti, qancaruu guddina qonna Itoophiyaaf sababa hedduu kaasuun danda'amus rifoormiin seektara qonnaa hunderraa ta'uu dhabuufi rakkoon hubannoo dhimmoota ijoodha. Xaafii, Garbuun Biilaafi loon Booranaafa argannoowwan Itoophiyaa qofa ta'anis hojmaatiifi imaammatni qonnaa dhaabbataan osoo hin taane bulchitoota dhufaa darbaarratti rarra'uusaatiin omishtummaan argannoowwan kunneenii dabaluun bu'aa barbaadamu fiduun hin danda'amne.

Lafti guddistuu callaa malee omisha kennuu hindanda'u. Malli qonnaa akkuma bara durii qotiyyoon ta'uusaatiin lafa qotamuu malu hunda qotuun hindanda'amne. Innumti qotiyyoon qotamu iyyuu dhiyeessii guddistuu callaa tarsiimaawaa hintaaneen omishtummaansaa gad bu'aadha. Qonni biyyattii roobarratti waan hirkatuuf yeroo baay'ee omishni omishamu hongeen hojii ala

ta'a.

Gama biroon rakkoon ilaalchaan walqabatan jijjiiramaaf ifajuu dhabuu, omisha xiqqoon gammachuu olaanaa gonfachuun, qonna kalaqaan yayyabuu dhabuufi qonnaaf of kennanii hojjechuu dhabuun ammas rakkoo hamaa ta'ee jiraachuu kan ibsan Doktor Geetaachoo; qonni utubaa dinagdee ta'uun garasitti rakkoo midhaan nyaataa seenaa taasisuuf jijjiirama bu'uuraa of qopheessuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.

Biyyi waggoota dheeraaf qamadii alaa galchaa turte jijjiirama waggoota ja'a hin caalle keessatti misooma jallisiin fedhii qamadiif jiru guuttachuu danda'uun jijjiirama amalaa bu'a qabeessaafi milkaa'ina caaluuf nama kakaasu ta'uu himanii; dhiyeessiiin galtee qonnaafi malli qonnaa maal ta'uu akka qabu kitaabicha keessatti tarreeffamuu hubachiisaniiru.



Haala misooma koriidarii yeroo ammaa

biroo Finfinneef fooyya'iinsi kan maluuf ta'uu ibsaniiru.

Hojiin koriidarii hojjetamaa jiru hojii misooma qarqara lagaatiin walitti dabalamee magaalattiin magaalaa Afrikaa qofa osoo

hintaane kan addunyaa akka taatuuf sadarkaashee daran kan olkaasuudha jedhanii, misoomni koriidarichaa gama daldalaafi turizimiitiin filatamtuu ishee taasisa

Gara fuula 18tti



**Bu'aalee guguddoo Biiron
Aadaafi Turizimii Oromiyaa
imalasaa waggoota 30n
galmeessise**



fuula **16**

**“Nageenyi waan daangaa
hinqabneef hundi
keenya dhimma ijaarsa
nageenyaarratti qindoominaan
hojjechuu qabna”**

- Luba Taagaay Taaddalaa

fuula **6**



**Dirree tokkummaan
daragaggoota
Oromiyaa itti
calaaqise, tapha
guutuu Oromiyaa**

fuula **13**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Nageenyi waan daangaa hinqabneef hundi keenya dhimma ijaarsa nageenyaarratti qindoominaan hojjechuu qabna”

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Barreessaa Olaanaa Gumii Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa Luba Taagaay Taaddalaa yoo ta’an, gaafdeebiin torbee darbe hojiilee guguddoo gumichi dhimmoota ijaarsa nageenyaafi walitti bu’iinsota furuurratti raawwataa tureen bu’aalee galmaa’an irratti xiyyeeffachuun isaan waliin taasifne akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineera.

Bariisaa: Hojiilee ijooon gumichi raawwatu maal faadha?

Luba Taagaay: Gumichi ijaarsa nageenyaa, duudhaa nagaafi jaalalaan waliin jireenya ummataa gabbisuu, walitti bu’iinsotni karaa nagaafi mariitiin akka furamaniif haala miyeessurratti xiyyeeffatee hojjetaa jira. Gumichi rakkooleen dhaabbilee amantii gidduutti akkasumas dhaabbilee amantiifi dhaabbilee mootummaa gidduutti mudatan mariidhaan akka furamaniif waltajjii marii qopheessuun haala ni miyeessa.

Gumichi waamicha naga ni taasisa, labsii naga ni labsa, qaamolee nageenya booressaniifi gocha farra nageenyaa raawwatan ammoo ni balaaleffata. Ummata gidduutti argamuudhaan waltajjii qaamoleen walitti bu’an irratti walarganii rakkoosaanii mariidhaan furachuun araaraman ni qopheessa. Gumichi hojii kana jaarsolii biyyaa, abbootii Gadaa, haadholii siinqee, abbootii amantiifi namoota dhiibbaa uumuu danda’an waliin hojjeta.

Biyyattiitti nageenyi akka mirkanaa’u taasisuun, duudhaa nagaafi jaalalaan waliin jireenyaa ummataa dagaagsuufi walitti bu’iinsota furuun araara buusuun hojiilee ijoo gumichi irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiruudha. Gumichi hojiilee kunneen siyaasarraa bilisa ta’ee hojjechaa jira.

Bariisaa: Bu’aawwan hojiilee gumichi raawwachaa tureen galmaa’an akkamitti ibsamu?

Luba Taagaay: Rakkooleen biyyattii keessa jiran hedduudha. Rakkoon tokko yeroo furamu rakkoo biraatu uumama. Mariin biyyaaleessa adeemsifamuuf jedhu rakkoolee hedduuf furmaata waraa ta’a jennee abdanna. Gumichis walitti bu’iinsonni hedduun mariin furamanii nageenyiifi araari akka bu’u taasiseera. Walitti bu’iinsaafi waraana dursee ittisuurratti hojii bal’aa hojjechaa jira.

Gumichi utuu waraanni kaabaa hinadeemsifamin dura abbootii amantii, jaarsolii biyyaafi dubartoota qindeessuun yeroo ja’aa ol Maqaleetti deddeebi’ee Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Tigraay yerosii Doktor Dabratsiyoon Gabramikaa’eliifi Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa yerosii Obbo Gadduu Andaargaachoo waltajjii tokkoratti walarganii akka mari’atan taasiseera.

Yeroo daandiin gara Maqaleetti geessu cufamee tures Maqaleefi Baahirdaaritti deddeebi’uudhaan daandiin cufame akka banamuuf gumichi hoggantoota mootummaa federaalaa, naannolee Tigraayyiifi Amaaraa waliin haasa’uudhaan Finfinnee, Hoteela Sharaatan Addisitti walarganii akka



mari’ataniif haala miyeesseera.

Dhimmoonni irratti mari’ataman qabatamaan hojiirra ooluu dhabuudhaan gara waraanaatti galameera. Waraanihaan lubbuu lammiilee hedduu dhabneerra; qabeenyi guddaanis barbadaa’eera. Waraanni walii waliinii kun Itoophiyaa kasaaraa guddaa keessa galcheera. Kanarraa barachuu dhabuudhaan ammayyuu naannolee Amaaraafi Oromiyaa keessa waraanni jira.

Waraanni miidhaa malee bu’aa kan hinqabne ta’uu waraana naannoo Tigraayitti adeemsifamerra barachuu qabna. Waraaniha adeemsisuuf qabeenyi biyyaa guddaan dhangala’eera. Waraana booda naannoo Tigraayiin deebisanii ijaaruuufis qarshiin ba’aa jirus qabeenyuma biyyaati.

Kan ijaarre waraanaan diignee deebisnee ijaaruuun waldhaggeeffachuu dhabuurraa madda. Gumichis rakkoo waldhaggeeffachuu dhabuun dhufu furuuf yeroo gara garaa waamicha nageenyaafi marii taasisa jira.

Itoophiyaatti akka nageenyi bu’uuf qaamni abbootii amantii Gumii Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa caalaa carraaquufi dhama’u hinjiru. Kun dhugaa qabatamaan mul’atuufi mootummaan beekuudha. Sagaleen abbootii amantii akka dhaga’amuuf mootummaan gargaaruu qaba. Ummannis sagalee abbootii amantii dhaggeeffachuu qaba. Gumichi siyaasarraa bilisa waan ta’eef mootummaafi ummata gidduu ta’ee qaama dogoggorsee deebisa.

Araara buusuufis qaamni gumii kanaa olitti hojjetu hinjiru. Abbootiin amantii, jaarsoliin biyyaa, Abbootiin Gadaafi Haadholiin Siinqeefi namoota dhageettii guddaa qaban hedduu utuu qabnuu qaamni alaa akka nu araarsuuf biyyoota alarraa kanneen akka ‘Olusegun Obasanjo’ waamuun sirrii hinturre. Obaasaanjoon Paatiriyaarkii, Haajii Muftii, Kaardinaalii olitti nu araarsuuf dhageettii hinqaban. Duudhaan araaraa qabnu gama

- Luba Taagaay Taaddalaa

amantii Itoophiyaa ummata biyyattii %99 ta’u barsiisa amantiitiin qabuudhaan ijaarsa nageenyaarratti hojii bal’aa hojjechaa jiru. Gumichis abbootii amantiifi amantoota waliin ta’uun walittibu’iinsa amantiifi saba dahoo godhachuun bakkeewwan gara garaatti uumaman ittisuuf hojjechaa jira.

Bariisaa: Hojii gumichi nageenyaafi araara buusuuf raawwachaa tureen bu’aan argame akkamitti ibsama?

Luba Taagaay: Gumichi walittibu’iinsa Shaashamaneetti mudatee ture araaraan furuuf yeroo torbaa ol bakkichatti deddeebi’uun araariifi nageenyi akka bu’u taasiseera. Gumichi Koree Abbootii Gadaafi Haadholii Siinqee of keessatti qabate hundeessuudhaan ammaan booda nageenya magaalattii akka eeganiif itti kennineera. Magaalattiin walitti bu’iinsichaan booda mallattoo araaraafi nageenyaa taatee jirti.

Gumichi walitti bu’iinsa Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa, Silxeetti mudatee ture furuufis hojii guddaa hojjeeteera. Hojii gumichi irra deddeebiin araaraafi nageenya buusuuf raawwataa tureen yeroo ammaa namoonni qe’eesaaniirraa buqqa’anii turan gara qe’eesaaniitti deebi’aniiru. Manni amantii gubates deebi’ee ijaaramee araari bu’eera. Gumichi hariiroo nagaafi jaalalaan waliin jireenya ummataa gabbisuufis hojii bal’aa hojjeeteera.

Walittibu’iinsa Naannoo Amaaraa Magaalaa Gondariifi Mooxaatti mudatee tureen masjiidonni gubataniiru. Gumichi bakkeewwan walittibu’iinsonni itti mudatanii turanitti deddeebi’uun ummata mariisuuudhaan nagaafi araari akka bu’u taasiseera.

Gumichi walittibu’iinsota Godina Jimmaa, Bashaashaatti, Naannoo Kibbaa, Gurraa Fardaatti akkasumas Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaatti saba Masqaafi Maaraqoo gidduutti mudatee ture hawaasa mariisuuun nageenyiifi araari akka bu’u taasiseera. Gumichi walittibu’iinsota amantii dahoo godhachuun uumaman karaa ittifuufinsa qabuun ittisuuf maanuwaalii ijaarsa nageenyaa qopheessuudhaan ummataaf leenjii kenna jira.

Gumichi mootummaarraa deggersa bajataa utuu argatee dhimma nageenyaafi araaraarratti kana caalaa hojjechuun hanqinoota mootummaa hedduu guutuu danda’a. Kana jechuun mootummaan dhimma amantii, amantiin dhimma mootummaa keessa galuu jechuu miti. Bajata waraanaaf qabamu ijaarsa nageenyaaf oolchuun bu’aa guddaa qaba. Nageenyi daangaa waan hinqabneef hunduu dhimma ijaarsa nageenyaarratti qindoominaan hojjechuu qaba.

Bariisaa: Waraana Naannoo Tigraayitti adeemsifameen booda walitti dhufenyi Gumii Dhaabbilee Amantii Itoophiyaafi naannicha gidduu jiru maal fakkaata?

Luba Taagaay: Gumii Dhaabbilee Amantii Itoophiyaafi Gumii Dhaabbilee Amantii Naannoo Tigraay gidduu hariiroon idilee jiraachuu baatus yeroo yeroon waliif bilbillee naga walgaafachaa jirra. Gumiiwwan

Waraanni miidhaa malee bu’aa kan hinqabne ta’uu waraana naannoo Tigraayitti adeemsifamerra barachuu qabna

kamiinuu harka keenyaa bu’uu hinqabu.

Rakkoo keenya ofumaan furachuu danda’uu qabna. Yoo rakkinichi humna keenyaa ol ta’ee biyyoota ollaarraa dhufanii akka nugargaaranii araara buusaniif waamicha taasuu kan qabu gumicha. Abbootiin amantii keenya bakka rakkoon nageenyaa uumametti qaamaan argamanii araaraa buusuun gamatti amantoota waliin ta’uun waa’ee nageenya biyyaaf Waaqa kadhachaa jiru.

Hojiilee gumichi nageenya mirkaneessuufi araara buusuuf raawwataa tureen biyyattiin akka Ruwaandaafi Sooriyaa baduurraa bararamteetti. Walitti bu’iinsa Ruwaandaatti saba ‘Hutu’fi ‘Tutsi’ gidduutti mudatee tureen ji’oota sadii keessatti lubbuun lammiilee miliyoona tokkoo darbeera. Dhaabbileen

KEESSUMMAA BARIISAA

lamaan gidduutti hariiroo dhaabbatummaa uumuuf qaamaan walarganii mari'achuun barbaachisaadha.

Hariiroon dhaabbata amantii Ortodoksii Itoophiyaafi naannoo Tigraay gidduu jiru bakka duraaniitti deebinaan hariiroon gumiiwwan lamaan gidduu jirus bakka duraaniitti nideebi'a.

Hariiroo dhaabbata amantii Ortodoksii federaalaafi naannoo Tigraay gidduutti laafee bakka duraatti deebisuuf dhaabbanni amantichaa rakkoo keessoosaa furachuu qaba. Dhaabbanni amantii Islaamaa naannoo Tigraayyiifi federaalaa rakkoo keessoosaa furateera. Majiliisni amantii Islaamaa federaalaafi naannichaa dhiifama walii taasisani hariiroo addaan citee ture ittifufsiisaniiru. Dhaabbileen amantii federaalaafi naannichaa biroonis rakkoo keessoosaanii furatanii hariiroosaanii addaan citee ture ittifufsiisuu qabu.

Bariisaa: Rakkoo nageenyaa naannoo Oromiyaafi Amaaraa keessa jiru haala kamiin furamuu qaba jettu?

Luba Taagaay: Yaadama 'Waraanni gaariifi nageenyi gadheen hinjiru' jedhurraa ka'uun barbaada. Waraanaaf utuu hintaane nageenyaaf looguu qabna. Yaadonni, gaaffiiwwaniifi fedhiwwan gara gara jiraachuu danda'u. Gaaffiiwwan waraanaan utuu hintaane mariidhaan deebi'uu qabu. Rakkoo waraanaan furuuf yaaluun gatii lubbuu kaffalchiisa. Kun rakkoo naannoo Oromiyaatti mul'achaa jiruudha.

Gaaffiilee Oromoon baroota dheeraaf kaasaa ture baay'een yeroo ammaa deebi'aniiru, kanneen hindeebines jiru. Gaaffiileen hindeebine akka deebi'aniif mootummaarratti dhiibbaa taasisuu malee waraanaan deebisuuf yaaluun sirrii miti. Gaaffiileen hafan battalatti deebii argachuu dhiisuu waan malaniif obsaan eeggachuu barbaachisaadha.

Naannoo Amaaraattis gaaffiilee sabni Amaaraa kaasu hundi deebii argataniiru jechuun hindanda'amu. Gaaffiin ummataa misoomaafi nageenya yoo ta'u, kan hoggantoota siyaasaa ammoo aangoofi faayidaa argachuudha. Gaaffii ummataafi gaaffii hoggantoota siyaasaa adda baafnee beekuu qabna.

Gaaffiin aango qabachuu taanaan karaa filannoofi olaantummaa yaadaatiin deebii argachuu qaba. Paartiin siyaasaa yaada mo'ataa qabu yaadasaa ummatatti gurgurachuudhaan ummata amansiisee sagalee argateen sagalee dhukaasaa tokko utuu hindhaga'amiin, lubbuun nama tokkoo utuu hindarbin aango qabachuu qaba.

Gaaffii misoomaa ummanni kaasu deebisuuf nageenyi jiraachuu qaba. Biyyattiin rakkoo nageenyaa keessa utuu jirtuu hojiileen misoomaa gaaffii ummataa deebisaniifi ittifayadamummaasaa mirkaneessan hedduun hojjetamaniiru; hojjetamaas jiru. Ijaarsi Hidha Laga Abbayyaa yeroo waraanni kaabaa adeemsifamaa turellee addaan hincinne. Pirojektota jalqabsiisani xumursiisuudhaan mootummaan kun galateeffamuu qaba.

Mootummaan gaaffiilee hindeebine akka deebisuuf dhiibbaa taasisuurraa kan hafe waraanaan deebii akka argatuuf yaaluun sirrii miti. Qaamni hidhatee Oromiyaa keessa socho'u ABO Shaneeefi kan hidhatee naannoo Amaaraa keessa socho'u Faannoon qabsoo hidhannoorraa gara qabsoo karaa nagaan adeemsifamuutti akka deebi'aniif waamicha abbummaa taasisnaaf.

Walittibu'iinsiifi waraanni deggarsa uummataa hinqabu. Waraanni ummata buqqisuu, rakkisuufi gidirsuurraa kan hafe faayidaa tokkollee hinqabu. Kanaafuu hundumtuu nageenyaaf tumsuu qaba.

Bariisaa: Marii Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad dhiyeenya kana abbootii amantiifi hordoftoota amantii gara garaa waliin taasisan akkamitti ilaaltu?

Luba Taagaay: Marii Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad dhiyeenya kana qofa qofaatti dhaabbilee abbootii amantii afur waliin mari'achuun gaaffiilee abbootiin amantii kaasaniif deebii kennaniiru. Koreen tekinikii gaaffiilee sadarkaa naannootti deebi'uu qaban hordofus hundaa'era. Korichi gaaffiilee dhaabbilee amantii adda baasee tarreessuun akka deebii argatan taasisuurratti xiyyeeffatee hojjeta.

Marichi mootummaan abbootii amantii waliin mari'achuun gaaffiilee dhaabbilee amantii akka deebisuuf carraa gaarii uuma. Marichi gaaffiilee dhaabbileen amantii kaasan yeroo gabaabaa keessatti deebii akka argatan waan taasisuuf waggaa waggaa adeemsifamuu qaba.

Qaamoleen amantii dahoo godhachuun walittibu'iinsa uumuun faayidaa dhuunfaa argachuuf socho'an waan jiraniif mootummaan yeroo yeroon dhaabbilee amantii sakatta'uu qaba. Qaamoleen uffata abbootii amantii uffatanii dhaabbilee amantii walitti buusuuf socho'anis gocha akkasiirra of deebisuu qabu. Amantii gegeeddarachuun mirga. Uffannaa dhaabbata amantii tokkoo uffatanii dhaabbata amantii biraa arrabsuun garuu mirga miti. Gochi dhaabbilee amantii arrabsuufi walittibuusu kamuu dhaabbachuu qaba.

Bariisaa: Gumiin Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa hariiroo dhaabbilee amantii biyyattii cimsuu keessatti gahee akkamii qaba?

Luba Taagaay: Gumichi dhaabbilee amantii torbaan hundaa'e. Abbootiin amantii dhaabbilee amantii kunneenii waliin mari'atanii waliin murteessu. Abbootiin amantii dhaabbilee amantii torbanii waliin hojjechuun hariiroo dhaabbilee amantii cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Gumichi yeroo gadibu'u dhaabbilee amantii miseensa gumichaa hintaane waliinis hojjechaa jira. Dhaabbanni amantii tokko dhaabbata amantii biraa kabajuufi akkuma kan ofiisaatti ilaaluu qaba.

Gumichi nageenya ijaaru, walitti bu'iinsota furuu, duudhaa jaalalaafi tokkummaan waliin jireenya ummataa gabbisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Gumichi walittibu'iinsota bakkeewwan gara garaatti mudatan hedduun karaa nagaan akka furaman taasisuun nageenya mirkaneessuufi araara buusuu keessatti gumaacha olaanas taasisa; taasisaas jira.

Hariiroo dhaabbilee amantii gidduu jiru caalaatti cimsuuf duudhaa keenya ganamaatti deebi'uu qabna. Dur lafa kiristaanotaarratti masjiida ijaarun, lafa musliimootaarratti ammoo bataskaana ijaarun tureera. Dhaabbileen amantii Kiristaanaafi Islaamaa meeshaalee ijaarsaaf barbaachisaniinis waldeggaraa turan. Bakki itti Islaamoni bataskaana ijaaranii Kiristaanaaf kennan Kiristaanonnis masjiida ijaaranii Musliimotaaf kennan tureera. Duudhaan kun gidduutti waan



laafee tureef deebifnee jabeessuu qabna.

Yeroo dhiyoo as hordoftoonni amantii Islaamaa Kiristaanota Ayyaana Cuuphaarratti Kiristaanota taabota gaggeessaniif bishaan dhiyeessuun akkasumas daandii qulqulleessuun duudhaa waloomaa laafee ture jabeessaa jiru. Barana akka fakkeenyaatti Finfinneetti dargaggoonni bataskaana Ortodoksii Raagu'eel masjiida Anuwaar qulqulleessaniiru.

Hordoftoonni amantii Islaamaas Halaabaa, Dirre Dhawaafi Jigjigaatti Ayyaana Cuuphaarratti bakka ayyaanichi itti kabajamuufi daandii taabotni irra darbu qulqulleessuudhaan ayyaanicha Kiristaanota waliin kabajaniiru.

Kiristaanonnis bakka ayyaanni 'Iidii' itti kabajamu deemuudhaan hanga masjiida qulqulleessuutti ayyaanicha hordoftoota amantii Islaamaa waliin kabajaniiru. Duudhaan walkabajuufi waldanda'uu dhaabbilee amantii qabatamaan lafarratti mul'achaa jiru kun gara fuulduraattis cimtee ittifufuu qaba. Waan nurratti akka hinraawwatamne barbaadnu nama biraarratti raawwachuurrara of eeguu qaba.

Duudhaa keenya ganamaatti deebi'uuf hunda keenyarraa kan eegamu dhugaadhaan hojjechuudha. Abbootiin amantii siyaasarraa bilisa ta'anii waa'ee nagaa, jaalalaafi tokkummaa lallabuu qabu.

Hoggantoonni siyaasaa aangoorra jiranis haqaafi dhugaadhaan ummata tajaajiluu qabu. Biyyi keenya nagaa kan taatu aango irratti muudamnerratti haqaafi dhugaadhaan yoo hojjenne qofa. Siyaasaafi amantii waliin makuun sirrii miti.

Bariisaa: Walitti bu'iinsota amantiifi sabummaa dahoo godhachuun darbanii darbanii mul'atan haala kamiin furuu dandeenya?

Luba Taagaay: Gumichi nageenya biyyattii mirkaneessuufi walitti bu'iinsota

mariin furuufi ittisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Walii walii keenya walitti buusuun akka Sooriyaafi Sudaan akka diigamnuufi badnuuf shirri adda adda keessaafi alaan xaxamaa turaniiru.

Misir hidha Abbayyaa akka hinijjarreef irra deddeebiin nutti himaa waan turteef baandaa biyya keessaatti fayyadamuudhaan shirawwan gara garaa xaxaa turteetti. Shiironni xaxamaa turan amantiifi sabummaa dahoo godhachuudhaan adeemsifamaa turan. Gumichi ummanni biyyattii amantiifi sabummaan akka adda hinbaane taasisuurratti hojii bal'aa hojjechaa tureen biyyattiin diigamuufi baduurraa baraaramteetti.

Mootummaan rakkoleefi gaaffiileen siyaasaa kamuu karaa nagaafi mariitiin akka furamaniif marii biyyaalessaaf haala mijjeessaa jira. Rakkoon alaabaan walqabatee mul'atus maricharratti furmaata argachuu danda'a.

Gumiin Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa mariin biyyaalessaa adeemsifamuuf jiru akka milkaa'uuf gamasaan deggersa irraa eegamu taasisaa jira. Mootummaan akka mootummaatti olaantummaa seeraa kabachiisuu qaba.

Nutis olaantummaan seeraa akka kabajamuuf deggersa nurraa eegamu taasisuu qabna. Walittibu'iinsota darbanii darbanii mudatan keessaa ba'uufi nageenya biyyattii mirkaneessuuf hundi keenya qindoominaan hojjechuu qabna.

Bariisaa: Ayyaana Faasikaa bor kabajamu ilaalchisuun ergaa yoo qabaattan?

Luba Taagaay: Hordoftoonni amantii Kiristaanaa marti бага Ayyaana Yaadannoo Du'aa Ka'uu Yesuus Kiristoos geessan jechuun barbaada. Ayyaanicha tokkummaan waliin kabajuun akkasuma namoota harkaqaal'ceeyii gargaaruun duudhaa walooma keenyaa qabatamaan mul'isuu qabna.

Ayyaana Gaarii!

Ijoo Dubbii

Du'aa ka'uu: Fakkeenya jaalalaafi garraamummaa

Akka amantaa Kiristaanaatti fannoo booda otoo du'aa ka'uu jiraachuu baatee amantichi hinjiraatu ture. Imalli dhumaa Yesuus lafa kanarratti taasise seenaa gaddisiisaa ta'ee hafaayyu. Abdiin dhala namaas nidukkanaa'a ture.

Garuu du'aa ka'uu misiraachoo mo'anna addaafi isa dhumaa sammuu namaatii ol ta'e labse. Duuti Kiristoos du'a barbadeesse. Mo'amu hammeenyaafi qaana'uu seexanaas ta'e. Gaddis gara gammachuutti jijjiirame. Ifni addunya kun ifa jireenyaafi du'aa ka'usaa agarsiise. Jaalala, waliyaaduufi garraamummaa qabatamaan mul'ise.

"Ani karaa, jireenyaafi dhugaa gara mootummaa Waaqayyooti geessuudha, anaan malee mootummaa Waaqayyooti galuu hindandeessan" jedhuun ifa gochuun baay'otatti gaaffiif warra kaaniif ammoo misiraachoo lallabe.

Warri hidhaa garaa garaatii hiikaman gammachuun yoo simatan barsiisonni seeraa, fariisonniif kanneen ergichi liqimfamuufi dide akkasumas Yihudaanis maallaqaan goyyomfamee hammeenyaan guutamuun shira hamaa ragaa sobaan xaxuun du'aaf dabarsanii isa kennan. Harka loltoota bulchiinsa warra Roomaatti dabarfamees fannifamuun ajjeeffame.

Yesuus, "Waan godhan hinbeekanii yaa Abbaa dhiisiif" jechuunis dhiifama lallabee lubbuusaas ilmaan namootaa barbaacha dhufee dabarsee kenne. Guyyaa sadaffaattis du'a mo'ee ka'udhaan golgaa cubbuu diigee namaafi waaqa walitti araarse. Dhiigasaatiinis cubbuu ilmaan namootaa qulleessee Ayyaana Faasikaa cimseef.

Yesuus Kiristoos dhiphina, du'uufi du'aa ka'usaa ergamootasaatti kan hime hamma qabatamaatti arganitti abdi kutannaafi wal'aansoon garagaraa isaan mudachuu malu waan hubateefi.

Erga guyyaa sadaffaatti du'aa ka'ees ergamootaafi duuka boototasaatti altokkoon hinmul'anne. Sababnisaas, tokko tokko rafanii turan, kaan ammoo du'aa ka'usaatti waan hinamanneef osoo bakka awwaalaasaa hindemiin hafan. Erga hirribaafi shakkii keessaa ba'anii booda garuu waa'eesaa hunda yaaduu eegalan.

Jijjiiramniif abdiin naannoofi biyyi keenya qabdu baay'otaf sirriitti ifus, kaanitti ammayyuu dukkana fakkaatee mul'achuun bakkuma kaleessaa taa'anii abjuudhaan rakkachaa kan jiran darbee darbees ta'u nijiru.

Kanneen Gooftaa Yesuus Kiristoos waliin turan dhalachuufi guddachuusaa, barsiisaafi hojjiisaa, dhiphachuufi du'asaa argan, abdi bor jiru ilaaluun obsaan deeman baay'eedha. Kaan ammoo qormaata dandamachuu dadhabanii dhiphinaafi rakkoo jiru sodaatanii biraa deebi'anis laayyoo miti.

Sanbanni xiqqaan akka har'aa garuu amanootaafis ta'e kaaniif guyyaa addaa ture; guyyaa dhiphinaafi daran dheerate. Warri Roomaantaa Israa'eelotaaf dhumateera jechuus eegalan. Yihudoonnis akkasuma.

Amantoonni garuu karaa tokkoon jeequmsaafi sodaa, karaa biraa abdi qaban yaaduu eegalan. Amantiinsaani gara abdiitti akka hinjijjiirameef jeequmsaafi haala jiru ilaaluun sodaatu. Jeequmsiifi haalli jiru akka isaan hinbunneef ammoo amantiinsaani abdi itti horeera. Bor abdiifi ifa arguu akka danda'an garuu dursanii hubataniiru.

Dhiphinni sanbata xiqqaatti isaan mudate garuu hanga dhumaatti waliin hinturre. Guyyaan du'aa ka'uu Sanbanni guddaan akka boruu gammachuufi ce'umsa addaa fudhatee dhufe. Dhiphinni, boo'ichi, rakkoofi haalli kaleessaa sun bor itti hinfufu. Bor guyyaa addaati. Kan gammachuu, jijjiiramaafi badhaadhinaati.

Guyyaan dhiphinaa sun dagatamee waggaa waggaan guyyaan du'aa ka'uu Yesuus Kiristoos gammachuun kabajamaa jira. Ka'umsiifi badhaadhinni keenyas akkasuma. Wal'aansoo, gufuuwwaniifi haalota har'a jiran keessa dabarree bor abdi yanne bira nigeenya. Hiyyummaafi haalota nu danqan ofirraa mulqinee akeeka ka'umsa keenyaa nimikaneeffanna.

Barsiisa Waaqayyoo waaqakee garaa kee guutuu, laphee kee guutuu, yaada kee guutuu jaaladhu namammoo akka mataa keetti jaaladhu jedhu barsiisuun walitti dhufeenya namaaf waaqa jidduutti akkasumas namaaf namoota jidduudhaa cabee ture deebisee haarsuun abboommii haaraas ilmaan namootaaf dhaabe fakkeenya godhachuun deddeebi'uu qabna.

Jaalala fannoorratti fannifamuu ibsuun, jaalalli dhugaan teessoo kabajaarraa bu'uu kan gaafatu ta'uufi ulaagaaleerratti kan hinhundoofta ta'uu Kiristoos qabatamaan nu barsiiseera. Ayyaanni yaadannoo du'aa ka'uu Yesuus Kiristoos ayyaana araaraafi dhiifamaa waan ta'eef nuti, dhaloonni ammaas Kiristoosirraa duudhaa jaalalaa, garraamummaafi walii yaaduu kana dhaallee jireenya keenya guyyuu keessatti ittifayadamuu qabna.

Ayyaana Faasikaa gaarii!

Yaada

Duudhaaleen walii yaaduufi garaa walii laafuu yeroo ayyaanaatti mul'atan idileeffamuu qabu

Bayyanaa Ibraahimiin

Yeroon harki dondhaa itti diriirfatu, amanaan waaqasaa itti sodaatuufi itti abboomamu, yeroo rakkataan haala addaatiin itti gargaaramuufi Waaqni dhala namaatii itti araaramu waqtii filatamaa waqtii kabajamaa, kijibniifi hawwiin dharaa fashalaa'ee dhugaan qal'ate itti mo'u, kabaja ayyaana Du'aa Ka'uu.

Yesuus Kiristoos dhiphina, du'uufi du'aa ka'usaa ergamootasaatti kan hime qabatamaatti amma arganitti abdiifi wal'aansoowwan garagaraa isaan mudachuu akka danda'u hubachiisee ture. Ergaa guyyaa sadaffaasaatti du'aa ka'ee ergamootaafi duuka buutotasaatti altokkoon hin mul'anne.

Sababnisaas, tokko tokko rafanii turan, kaan ammoo du'aa ka'usaatti waan hinamanneef osoo bakka awwaalaasaa hin deemiin hafan. Erga hirribaafi shakkiisaanii keessaa ba'anii waa'eesaa hunda yaaduu eegalan.

Gooftaa Yesuus Kiristoos waliin kan turan dhalachuufi guddachuusaa, barsiisaafi hojjiisaa, dhiphachuufi du'asaa kan argan, abdi bor jiru ilaaluun obsaan kan deeman baay'eedha. Kaan ammoo qormaata dandamachuu dadhabanii dhiphinaafi rakkoo jiru sodaachuun kan biraa deebi'anis xiqqaa miti.

Maaddii tokkorraa waliin soorachaa gaarummaasaa dagachuun faayidaa xiqqoof kan dabarsee isa kennes hindhabamne.

Hordoftoonniif deggartooni hojjiisaa raajjeffatan garuu abdi tokko qabu turan. Inni baay'inni qormaataa kaayyooaarraa akka isa hinittifne hubatanis, gaafa Jimaanni darbee Sanbata xiqqaan dhufu garuu baay'een abdi kutachuu eegalan. Kiristoos du'aa ni ka'a kan jedhame soba itti fakkaatee ture. Kanneen hanga gaafa fannooti 'Jabaadhu! Jabaadhu!' jechaanii turanis duuba deebi'uu eegalan.

Kanneen keessa taa'anii diinaaf hojjetanis ta'ee garaa duuba kan duukaa deeman faayidaa yeroof jecha diinatti firoomuunsanii bira gahame.

Har'as kanneen akka Yihudaa faayidaa dhuunfaafi bu'aa yeroof jecha diinaaf hojjetaniifi walitti dhufeenya ummatootaa booreessuuf yaalan, walitti bu'iinsa uumuudhaan birmadummaa biyyattii gaaffii keessa galchuuf hojjatan hindhabaman.

Garummaan Kiristoosirraa baratamus ta'ee duudhaafi jaalalli, obbolommaafi tokkummaan ummataa gocha fixaaleyyii bu'aa ofii galmaan gahuuf fiiganiin akka hingufanneef hunduu bakka jirutti gaheesaa bahu qaba.

Dabalataanis kanneen akka Yihudootaafi Roomaantaa sobaan dhugaa jiru dhoksuuf yaalanis olola sobaan dhugaan awwaalamuu akka hin dandeenye hubachuu qabu. Tokko tokko waggaa sadii guutuu qaamaan Kiristoos duukaa turanis olola sobaan dhugaa jiru dagatanii akka turan ni yaadatama.

Yeroo gammachuufi birmadummaa itti argatan sana irraanfachuun ololaafi rakkoo yeroof jecha abdi bor isaan eeggaturraa duuba kan deebi'anis baay'eedha. Kaan ammoo dhiphina yeroo murtaa'ee obsuufi dhugaa jiru hubachuun kaayyooaanii bira ga'uu danda'aniiru.

Sanbanni xiqqaan amanootaafis ta'ee kaaniif guyyaa addaa ture.

Guyyaa dhiphinaafi kan baay'ee dheerate; Warri Roomaantaa "Isiraa'eelotaaf dhumateera" jechuu eegalan; Yihudoonnis akkasuma.

Amantoonni garuu karaa tokkoon jeequmsaafi sodaa, karaa biraa abdi qaban yaaduu eegalan. Amantiin isaanii gara abdiitti akka hin jijjiirameef jeequmsaafi haala jiru ilaaluun sodaatu. Jeequmsiifi haalli jiru akka isaan hin bunneef ammoo amantiin isaanii abdi itti horeera; bor abdiifi ifa arguu akka danda'an dursanii hubataniiru.

Dhiphinni sanbata xiqqaatti isaan mudate garuu hanga dhumaatti waliin hin turre. Guyyaan du'aa ka'uu Sanbanni guddaan gammachuufi ce'umsa addaa fudhatee dhufe. Dhiphinni, boo'ichi, rakkoofi haalli kaleessaa sun bor itti hin fufu. Bor guyyaa addaati. Kan gammachuu, jijjiiramaafi milkaa'inaa akka ta'u hawwu qofa osoo hin taane akka milkaa'uufis waan danda'aniin deeggaruun barbaachisaadha.

Guyyaan dhiphinaa Sanbata xiqqaa ture sun kunoo dagatamee waggaa waggaan guyyaan du'aa ka'uu Yesuus Kiristoos gammachuun kabajamaa jira. Ka'umsiifi badhaadhinni keenyas akkasuma.

Wal'aansoo, gufuuwwaniifi haalota har'a jiran keessa dabarree bor abdi yanne sana bira ni geenya. Hiyyummaafi haalota nu danqan ofirraa mulqinee akeeka ka'umsa keenyaa ni mikaneeffanna abdi jedhu horachuunis murteessaadha.

Walumaagalatti; aadaan walii yaaduufi garaa walii laafuu waqtii ayyaana du'aa ka'uus ta'ee ayyaana biroorratti mul'atu cimee ittifufuudhaan aadaa yeroo hundaa hawaasni biyyattii ittiin beekamu akka ta'uufis irratti hojjachuun barbaachisaadha. Haala itti duudhaalee walii yaaduufi garaa walii laafuu yeroo hunda idileessuu dandeenyurrattis mar'achuufi yaada waljijjiiruu qabna.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihuun Takilee*

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

 **Ethiopian Press Agency**

Abbaa Sa'aa

Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaatti hojiin lafa baargamoon irra jiru ciranii kuduraaleefi fuduraalee omishuu faayidaa olaanaa argamsiisaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaatti sosochiin baargamoo ciranii hundeesaa buqqisanii baasuun kuduraaleefi fuduraalee gara garaa omishuu daran cimee ittifufuun bu'aa guddaa argamsiisaa jira.

Naannichatti jiraataan Magaalaa Halaabaa Qullittoo Obbo Abdulzaki Saaliyaa lafa baargamoon irra jiru ciranii hundeesaa buqqisuun kuduraaleefi fuduraalee gara garaa omishuu hojii baay'ee ulfaataafi baasii guddaa gaafatuudha. Yeroo ammaa lafa baargamoon irra ture heektaara afur irra fuduraalee akka muuzii, avokaadoo, paappayyaafi kuduraalee gara garaatiin misoomsuu eeru.

Laficha marsaa sadiif timaatimii omishuun bu'aa guddaa irraa argachuu himanii, timaatimiin hidda lafa keessa waan gad hinfageeffanneef lafa baargamoon irra turerratti omisha gaarii kenna. Bara achaanu omisha timaatimii lafa baargamoo irraa ciranirra dhaabuudhaan qarshii miliyoona tokkoo ol kan argatan ta'uufi baargamoon laficharra ture waggaa saddeet keessatti qarshii miliyoona tokko mitii kuma 800tti gurguramee kan hinbeekne ta'uu himu.

Naannawicha baargamoon bara Dargii dhaabame bal'inaan jiraachuu himanii, faayidaa baargamoon qaburra miidhaansaa waan caaluuf hojiin baargamoo ciranii kuduraaleefi fuduraalee gara garaa omishuu faayidaa olaanaa waan qabuuf naannawaa biraattis babal'atee ittifufuu qaba. Baargamoo mootummaa naannawaasaanii jiru ciramee kuduraaleefi fuduraalee gara garaan akka bakka bu'uuf mootummaan isaaniiif ykn dargaggoota gurmaa'aniif akka kennus gaafataniiru.

Faayidaa baargamoon lafa heektaara tokkorra jiru waggaa dheeraa keessatti kennu laficha kuduraaleefi fuduraalee omishuudhaan waggaa tokko keessatti bu'aa baargamoon waggaa 100 keessatti kennu argachuun ni danda'ama. Hojiin baargamoo ciranii kuduraaleefi fuduraalee gara garaa omishuu kun carraa hojii bal'aa uumuurra darbee qaala'ina gatii tasgabbeessuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeraniiru.

Yeroo ammaa dhaabbiidhaan namoota 12f kan yeroottiin namoota 20f carraa hojii uumanii jiraachuu himanii, lafa baargamoon irra jiru ciranii omishaalee gara garaatiin bakka buusuun faayidaa olaanaa qaba. Lafa baargamoon irra jiru ciranii hiddasaa baasuun hojii ulfaataafi qarshii guddaa gaafatu ta'uus eeraniiru.

Lafa baargamoon irra ture ciranii erga qotanii booda biqilaa muuzii sanyii fooyya'aa kuma lamaafi 700 Arbaa Mincirraa Siinoo Tiraakii lamaan fidanii dhaabuu himanii, geejjibaaf qarshii kuma 54 kaffaluufi biqilaan muuzii kun yeroo ammaa biqilaa biraa dhalee waan jiruuf omisha muuzii kana babal'isuuf hojjechaa jiraachuufi yeroo ammaa lafa baargamoon irra ture heektaara afur shunkurtii, raafuu, timaatimii, muuzii, avokaadoon misoomsanii jiraachuu himaniiru.

Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaatti



Lafa baargamoon irraa ciramee kuduraaleefi fuduraalee irratti misoomaa jiru

Jiraataan Godina Kambaataa, Aanaa Qaaca Biraa, Ganda Weeramaa Obbo Dastaa Anfooree baargamoo lafa heektara sadiirraa ciranii muuzii, goodarree, shunkurtiifi qaaraadhaan uwwisuufi biqilaa avokaadoofi paappayyaa dhaabuuf lafa qopheessaa jiraachuu himu.

Hojiin lafa baargamoo ciranii kuduraaleefi fuduraalee gara garaan bakka buusuu kun wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu himanii, qonnaan bultoonni naannawaasaanii isaanirra muuxannoo qooddachuun lafa baargamoon irra jiru ciranii kuduraaleefi fuduraalee gara garaatiin bakka buusaa jiraachuu eeraniiru.

Yeroo jalqaba lafa baargamoo ciruu jalqaban abbaafi haati warraa isaanii ittiin mormaa turuu eeranii, lafti duraan baargamoon irra ture kuduraaleefi fuduraalee gara garaatiin uwwifamee wayita argan garuu isaan gargaaranii hojjechuu kan jalqaban ta'uu himu.

Hojii lafa baargamoo ciranii omishaalee gara garaatiin bakka buusuu kanaan dhaabbiidhaan namoota 12fi yeroodhaan ammoo namoota 30f carraa hojii uumanii jiraachuu himanii, bakkichatti hojii loowwan aannanii horsiisuu jalqabuuf qophiirra jiraachuu eeraniiru.

Godina Silxee, Aanaa Silxeetti jiraataan Ganda Saddaa Booraa Obbo Nasiruu Hamzaa akka jedhanitti, lafa baargamoon waggoota 30 oliif irra ture ciranii omishaalee akka muuzii, bunaa, warqee, avokaadootiin uwwisaniiru.

Baargamoo dhaabuun faayidaasarra miidhaasaa waan caaluuf hojiin baargamoo ciranii omishaalee gara garaatiin bakka buusuu kun daran cimee itti fufuu akka qabus eeraniiru.

Aanichumatti jiraataan Ganda Garbii Bar Obbo Ahmad Rashiid akka jedhanitti, lafa baargamoon waggoota 30 oliif irra ture ciranii biqilaa muuzii mootummaan Arbaa Mincirraa isaaniiif fide kilaasteraan dhaabuun yeroo ammaa irraa fayyadamaa jiru. Kilaasterri muuzii kun lafa heektaara 20 irratti misoomee jiraachuufi biqilaa muuziin haadhoo dhale tokkoonsaa qarshii 25-40n gurguraa jiraachuu himu.

Biqilaan muuzii waggaa guutuu omisha kan kennu ta'uu himanii, omishni muuzii kun yeroo ammaa naannawichatti daran babal'achaa jira. Omishni muuzii kanaan dura naannawichatti kan hinbaratamne ta'uufi yeroo ammaa qonnaan bultoonni naannawichaa faayidaa

omisha muuziirra argamu sirriitti hubatanii bal'inaan omishaa jiraachuu himaniiru.

Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaatti, Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti, Qindeessaan Kilaastera Misooma Qonnaafi Baadiyyaafi Hogganaa Biiroo Qonnaa Obbo Usmaan Surur akka jedhanitti, naannichatti hojiin lafa baargamoon irra jiru ciranii bakkasaa kuduraaleefi fuduraalee gara garaa dhaabuu bal'inaan adeemsifamaa jira. Hojiin kun Godina Silxee, Aanaa Silxee naannawaa Haroo Silxeetti bal'inaan adeemsifameera. Hojichatti seenuun dura qonnaan bultootaan mari'atanii kan amansiisan ta'uu himu.

Qonnaan bultoonni naannawaa Haroo Silxee Adoolessa 22 bara 2014 lafa heektaara 25 baargamoon waggaa soddamaa oliif irra ture ciranii biqilaa muuzii Arbaa Mincirraa fidanii kilaasteraan dhaabuu himanii, lafti baargamoo waggaa kudhan keessatti altokko omisha kenna ture yeroo ammaa waggaa guutuu omisha kenna jiraachuu eeru.


Akka Obbo Usmaan jedhanitti, lafti meetir iskuweeriin tokko yoo baay'ate baargamoo hundee lama qabata. Baargamoon lafa meetir iskuweerii tokkorra dhaabbate kun waggaa shanii hanga saddeetii keessatti ga'uun qarshii 150-200tti gurgurama. Muuziin lafa meetir iskuweerii tokkorra dhaabuu tokko ammoo waggaa biqilaa muuzii 10-14tti dhala. Biqilaan muuzii tokko yoo xiqqaate qarshii 30tti gurgurama. Biqilaa muuziin haadhoo waggaa dhale keessaa saddeet yoo gurgurre waggaa qarshii 240 arganna. Biqilaa muuzii haadhoo dhalu qofa gurguruudhaan waggaa keessatti qarshii 500 argachuu dandeenya. Hojiin lafa baargamoon irra jiru ciruun kuduraaleefi fuduraalee gara garaa dhaabuu Guraagee, Silxeefi Halaabaatti bal'inaan adeemsifamaa jira.

Faayidaafi miidhaa baargamoo dhaabuun qabu hubachuun eessa dhaabuu akka qabu beekuun barbaachisaadha. Baargamoon lafaafi madda bishaanii waan gogsuuf naannawaa bishaaniis ta'e lafa qonnaa dhaabuu hinqabnu. Lafa baargamoon irra jiru ciranii gabbisuunillee yeroo dheeraa fudhata. Lafa baargamoon irra jiru cirree kuduraaleefi fuduraaleen bakka buusaa kan jirru baargamoo jibbinee utuu hintaane miidhaa inni dinagdeerrattis ta'e qabeenya biyyeeff bishaaniirran ga'aa jiru hir'isuu qofa utuu hintaane dhabamsiisuuf ta'uus eeraniiru.


Pirezidaantiin Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa Obbo Indaashaawu Xaasawu



Suurri: Daanyee Abarraatiin



Obbo Abdulzaki Saaliyaa



Obbo Dastaa Anfooree

dhiyeenya kana garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti akka himanitti, naannawichatti hojiin baargamoo muranii bakka sana kuduraaleefi muduraalee gara garaa dhaabuu bal'inaan adeemsifamaa jira. Baargamoon hidda lafa keessa gadfageeffachuun bishaan lafa keessaas ta'e madda naannawaa gogsa. Baargamoon erga si'a tokko dhaabamee waggaa torbaafi isaa ol keessatti waan ga'uuf bu'aan waggaa waggaa omisha kanarra argamu hinjiru.

Qonnaan bultoota amansiisuudhaan hojiin baargamoo hundeesaa buqqisanii kuduraaleefi fuduraalee gara garaa dhaabuu bal'inaan adeemsifamaa jiraachuu himanii, hojiin kun Aanaa Silxeetti erga jalqabee waggaa sadii ta'uufi yeroo ammaa aanaalee hedduutti babal'atee jira.

Lafti baargamoo yeroo ammaa biqilaa maangoo, avokaadoo, muuziifi kuduraalee gara garaatiin bakka bu'aa jiraachuu eeraniiru.

Ilaamee...

Amala haalonni balleessan sirreessuuf furmaanni sobaafi haasaa jibbiinsaa lagachuudha

Bayyanaa Ibraahimiin

Labsiin haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaa ittisuufi to'achuuf bahe falmii dheeraa booda sagalee caalmaan erga ragga'ee waggoonni afur lakkaa'amaniiru.

Labsiin kun haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaa haleellaa saba, amantaa, ummata, korniyaafi qaama miidhamummaa irratti fuulleffatan dhorkuu kan kaayyeffateedha.

Kanaanis, haasaa ergaa jibbiinsaa ofkeessaa qaban addababa'ii, walgahii, miidiyaa biroodkaastii, maxxansa, miidiyaa hawaasummaafi kanneen biroorratti tamsaasuun dhorkaa ta'uu labsiin kun ifatti kaa'us hanga ammaatti bifa kamiin hojiirra oolaa akka jiruufi hangam rakkoo kana furaa akka jiru waan beekamaadha.

Sababnisaas erga labsiin kun ba'etii as yakkoonni haasaa jibbiinsaa ni babal'atan moo ni hir'atan? Qaamotniifi namootni dhuunfaa gocha kana fakkaaturratti hirmaatan hangamtu haala labsii kanaan seeratti dhihaatee gaafatame? Qaamoleen labsii kana raawwachiisuuf ittigaafatamummaa guutuu qaban immoo jiruu? kan jedhus qorannoo mataasaa kan barbaadu ta'us, osoo labsiin haasaa jibbiinsaa kun hinbahinii kaasee hanga har'aattuu yakkoonni saba, amantaa, saalaafi duudhaalee hawaasa gara garaa xureessuufi jibbiinsuu ittuma fufee jiraachuun waan dhufaa lufaan taajjabuudha.

Rakkooleen haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaa kun erguma labsiin kun bahee asittuu ittifuunsanii labsichi qaawwa qabaachuusaa kan agarsiisu ta'uu warrootni qeeqan akkuma jiran, waan hunda labsiifi seeraan qofa sodaachisani sirreessuun waan hindanda'amneef duudhaa ganamaa isa namummaa qo faaf kabaja walii kennan sana keessaa bahamuun rakkoo kanaaf sababa guddaa ta'aa jiraachuus namootni kaasan hedduudha.

Labsii haaraan namni ykn gareen haasaa jibbiinsaa dhorkame taasise hidhaa hanga waggaa lamaa ykn qarshii kuma 100 hincaalleen adabama jedha.

Sababa haasaa jibbiinsaatiin yoo nama dhuunfaa ykn gareerra miidhaan gahe ammoo hidhaa waggaa tokkoo hanga shanii adabsiisa.

Namni miidiyaa hawaasummaarratti hordoftoota 5000fi isaa olqabu, miidiyaa biroodkaastiifi maxxansa yeroo yeroon bahurratti haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaa maxxansuun hidhaa hanga waggaa sadiifi qarshii kuma 100 hincaalleen akka adabamu ibsa.

Miidiyaa hawaasummaarratti 'like'fi tag' tahuun garuu akka nama hingaafachiisnes labsicharratti ibsameera. Labsichi mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu heera, keewwata 29/2 irratti tumame kan sarbuudha jechuun qaamoleen falma mirga namoomaa gara garaa sodaasani ibsachaa turuun kan yaadatamuudha.

Haa ta'uu malee labsicharratti qaamolee mirgootaa namaaf mormina jedhan dabalatee namoonni kaan yaada ofii bilisaan ibsachuu

Labsii haaraan namni ykn gareen haasaa jibbiinsaa dhorkame taasise hidhaa hanga waggaa lamaa ykn qarshii kuma 100 hincaalleen adabama jedha

danquu mala jechuun yaaddoo qaban ibsachaa turaniiru.

Gaaffii guddaan garuu seerichi maaliif yaaddoo uume? Kan jedhu yemmuu ta'uu, erga wixinee labsii haasaa jibbiinsaafi tatamsa'ina odeeffannoo sobaa hambisuufi to'achuuf baherratti mariin godhame booda kan qaamolee yaaddoo qaban dhagahamuu eegaluun kun dhuguma quuqama mirga namoomaa namni yaadasaa bilisaan ibsachuurratti qaburraa kan maddu moo fedhii mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu daheeffatanii wanti dabarfachaa turaniifi sanaan boodas ittifuufu barbaadan jira?

Kunis qorannoodhaan kan deebi'uu ta'ee wantoota ifatti mul'atanirraa ka'uudhaan dhimmichi dhimma mirgoota yaada ofii bilisaan ibsachuu qofa osoo hintaane kana daheeffatanii ajandaa biroo dabarfachuuf fedhii qofa osoo hintaane, tattaaffiin akka jiru hubachuun salphaadha.

Qaamolee labsii haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaa kana raawwachiisuuf gahee qaban keessaa isa duraa kan ta'ee Abbaan Taayitaa Miidiyaa Itoophiyaa immoo labsicha raawwachiisuuf hanga humnisaa heeyyamu tattaafachaa jiraachuu Daarektarii Ittaanaan Abbaa taayitichaa Obbo Yoonataa Tasfaayee ni dubbatu.

Gaheefi ittigaafatamummaan abbaa taayitichaatiif kenname yeroo yeroodhaan haala haasaan jibbiinsaafi odeeffannoowwan sobaa miidiyaalee gara garaa kanneen hawaasummaas dabalatee keessa jirurratti qorannoo gaggabaabaa gaggeessuudhaan gabaasa qopheessuu ta'uu himanii, dhimma odeeffannoo sobaafi haasaa jibbiinsaa irratti hawaasa kutaalee biyyattii keessa jiran hundaaf hubannoo uumuunis ittigaafatamummaa ta'uu ibsu.

Akka yaadasaanitti; ittigaafatamummaa lamaan kanneeniin ala nama tokko odeeffannoo sobaa dabarsiteeta ykn haasaa jibbiinsaa tamsaasteeta jennee ofii keenyaaf waan isa goonu hinqabnu.

Odeeffannoo sobaa sana ykn haasaa jibbiinsaa sana kan tamsaase miidiyaa biyya kanatti



Obbo Yoonataa Tasfaayee

argamu yoo ta'ee garuu of eeggannoowwan gara garaa itti barreessuudhaan hanga sadarkaa heeyyama daldalaa tamsaasummaa irraa deebisuutti gahuu ni dandeenya. Haala kanaan miidiyaaleen haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaa tamsaasuun walqabatan xalayaan of eeggannoo dhuma irratti barreeffamuus ibsaniiru.

Haa ta'uu malee yeroo ammaa haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaatiin walqabatee sadarkaa olaanaadhaan tamsaasaa jiran miidiyaalee hawaasaa yemmuu ta'an, gama barreeffamoota jibbiinsaafi odeeffannoowwan barreeffamaa soba ta'an tamsaasuutiin Feesbuukiin sadarkaa jalqabaa irratti argama.

Gama odeeffannoowwan sobaa qindaa'aniifi haasaa jibbiinsaa of keessaa qaban tamsaasuutiin immoo Tiktookiifi Yuutuubiin walduraa duubaan sadarkaa qabataniiru. Telegraamiin, fi'X'n immoo miidiyaalee hawaasaa yeroo ammaa haasaan jibbiinsaafi odeeffannoon sobaa baay'inaan ittiin darbaa jiran waan ta'aniif to'annoon dhaabbilee kanneeniirratti taasifamu ulfaataa ta'uu Obbo Yoonataa ni ibsu.

Feesbuukiidhaan ala dhaabbileen miidiyaa hawaasummaa olitti ibsaman kunniin hundi Itoophiyaa keessaa damee kan hinqabne ta'uun yemmuu rakkooleen kunniin uumamanitti hatattamaan walqunnamanii odeeffannoo walgeedaruudhaan rakkiniicha furuuf yaalii taasifamurratti dhibbaa uumaa jiraachuu kaasanii, feesbuukiinuu bakka bu'aa malee Itoophiyaatti hanga ammaatti dameesaa hinbananne jedhan.

Miidiyaaleen hawaasaa kunniin haala gaariidhaan ittifayyadamnaan jiruufi jireenya salphisuufi daldaloota gara garaa ittigaggeessuuf barbaachisoo waan ta'aniif sababa namootni muraasni haasaa jibbiinsaa irratti gaggeessaniifi odeeffannoowwan sobaa ittiin dabarsaniif akka biyyaatti ugguruun barbaachisaa akka hintaanee nidubbatu.

Akka ibsasaaniitti; hanga danda'ameen dhaabbileen miidiyaalee hawaasummaa biyya keessatti darban kunniin biyya keenyatti damee akka qabaatan, yoo hintaane immoo bakka bu'aas ta'uu nama yemmuu rakkoon

uumamu qunnamamuun danda'amu asii akka qabaataniif sochiin taasifamaa jira.

Inni biraa Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootaa, aadaafi afaanota, akkasumas duudhaalee hedduu qabdu waan taateef, haasaa namni tokko haasa'u "kun haasaa jibbiinsaati, sun immoo haasaa jibbiinsaa miti" jedhanii adda baasuunuu daran ulfaataadha.

Pilaatfoormiiwwan miidiyaaleen hawaasummaa kunniin ittiin dalaganis afaanota biyyoota alaa waan ta'aniif namni biyya kanaa yemmuu miidiyaalee kanneen fayyadamu osoo haasaa jibbiinsaa wayii argee hiikaasaa otoo sirriitti hinhubatiin caljedheetuma 'react' gochuu danda'a.

Akka labsii haasaa jibbiinsaafi odeeffannoo sobaati immoo nama odeeffannoo sana maxxanse qofa osoo hintaane, kan 'like, share' godhes kan gaafatamu waan ta'ee nama osoo hiikaa odeeffannoo sana hinbeekiin raawwate sana adabuun akka namummaatti namatti ulfaata.

Kanaaf dhimmi haasaa jibbiinsaafi odeeffannoowwan sobaa karaa miidiyaalee hawaasummaatiin darban kanneen to'achuu labsiin kun bahuu qofaadhaan kan deebii argatu osoo hintaane, qindoomina waajjiraaleefi tarsiimoodhaan deeggarama kan gaafatuudha.

Sababoota labsiin kun ittiin baheef keessaa inni tokko haasaa jibbiinsaa darbuuniifi odeeffannoowwan sobaa tamsa'aniin waldhabdeen sabaafi amantii waggoota muraasa darban uumamanis bakkeewwan interneetiin haalaan hinjirretti dabalatee rakkooleen walitti bu'iinsaafi buqqaatii kan uumaman ta'uun immoo rakkoon jara shakkaman duwwaa osoo hintaane, kan hinbaramnes jiraachuu rakkoolee akka biyyaatti uumamaa jiran keessatti shoorri miidiyaalee hawaasummaa olaanaa akka hintaane waan agarsiisu fakkaata.

Waan ta'eeffis rakkoon kun labsiifi seerota gara garaa baasuu qofaan kan furamu waan hintaaneef duudhaalee soba dubbachuufi haasaa jibbiinsa qabu lagachuutti deebi'uun dirqama ta'a.

AADAIFI AARTII

Bu'aalee guguddoo Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa imalasaa waggoota 30n galmeessise

Natsaannat Taaddasaatiin

Agarsiisni imala sektaroota mootummaa Naannoo Oromiyaa waggoota 30 darbanii mul'isu kan Qindeessummaa Biiroo Kominikeeshinii naannichaatiin qophaa'e Bitootessa 25-27 bara 2016tti Giddugala Aadaa Oromooti adeemsifameera. Waltajjicharratti sektaroonni mootummaa naannichaa hundi agarsiisawwan imalasaanii waggoota 30 darbanii ibsan qabatanii dhiyaataniiru. Barreeffamni kunis imalaafi bu'aalee waggoota 30 darban gama Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin galmaa'anirratti xiyyeeffata.

Biirichatti Dursaan Garee Misooma Aadaa Obbo Olaanaa Tashoomaa gaafdeebii waltajjicharratti Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa aangoo Caffeen bara 1985 kenneef bu'uura godhachuudhaan hojiilee aadaa, duudhaa, afaaniifi seenaa Oromoo akkasumas qabeenya hawwata turizimii naannichaa misoomsuufi qorachuun walqabatee waggoota 30 darban hojiilee guguddoo hedduu raawwateera. Hojiilee guguddoo biirichi waggoota 30 darbanitti raawwate qabatanii waltajjicharratti hirmaachuus eeraniiru.

Waggoota soddomma keessa waa'ee Sirna Gadaa afaan guutanii haasa'uun hindanda'amu ture jedhanii, isaa as garuu Sirni Gadaa xiyyeeffannaa argatee 'UNESCO'tti galmaa'eera. Bakkeewwan dhiibbaa sirnoota darbanii Sirni Gadaa itti laafee ture keessaa wiirtuulee shanitti akka deebi'u ta'eera. Wiirtuuleen kunneen (Odaa Huullee, Saglan Iluu, Ja'an Sayyoo, Odaa Bulluqiifi Odaa Bisil)tti Gadaan haara'eera.

Akka dursaan garee kun jedhanitti, kitaabonni Sirna Gadaa, aadaafi seenaa Oromoo ibsuurratti xiyyeeffatan hedduunis maxxanfamaniiru. Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa Biiroo Barnoota Oromiyaa waliin ta'uun qajeelcha barsiisaa dabalatee kitaabileen Sirna Gadaa barattoonni kutaa 1ffaa-8ffaatti irraa baratan qophaa'anii hojiirra oolaniiru.

Iddoowwan irreeffannaa dhiibbaa sirnoota darbanii badanii turan hojii waggoota 30 darban keessa raawwatamaniin iddootti deebi'aniiru. Irreechi waggoota 30 dura namootaa muraasaan kabajamaa ture hojiilee biirichi raawwataa jiruun irreechi yeroo ammaa namoota miliyoonaan lakkaa'amaniin kabajamaa jira. Bara 1985 malkaan irreechi itti irreeffatamu lamaafi sadii hincaalu ture. Yeroo ammaa garuu irreechi malkaawwan 74 irratti irreeffatamaa jira jechuun ibsu.

Hojiilee Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa waggoota soddomma darban keessa raawwateen bakkeewwan seenaawwan qabsoo Oromoon walqabatanirratti siidaawwan ijaaramaniiru. Isaan keessaa Siidaawwan Aanoleefi Calii Calanqoo akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Giddugaloata Aadaa Oromoo kunneen akka Finfinnee, Madda Walaabuufi Odaa Bultumis ijaaramaniiru. Siidaawwan yaadannoo kunneen dogoggora seenaa Oromoorratti raawwatame ibsuufi dhaloonni har'aa dogoggoricharraa akka baratuuf kan dhaabataniidha.

Dhiibbaa sirnoonni darban qaqqabsiisaa turaniin Oromoon Finfinnee keessatti aadaa, afaaniifi eenyummaasaa dhabee tureera.

Aadaa, afaaniifi eenyummaa Oromoo Finfinnee keessaa badee ture deebisuuf ijaarsi pirojektota leenjii, qophiifi agarsiisa nyaata aadaa Oromoo, akkasumas bakki agarsiisa meeshaalee aadaafi ogummaa harkaa Oromoofi iddoowwan aartiinsaa itti barsiifamu ijaaramaa jiru. Ijaarsi pirojektota kunneenii yeroo ammaa sadarkaa xumuraarra jiraachuufi dhiyeenyatti kan eebbifaman ta'u jechuun eeraniiru.

Barjaaleen naannichatti Afaan Oromootiin barreeffaman seerlugaafi seera qubeessa Afaan Oromoo eeganii akka barreeffaman taasisuuf barjaalee kuma 300 olirratti tarkaanfiin fudhatameera. Afaan Oromoo afaan teknolojii akka ta'uuf Inistiitiyuutiin Afaan Oromoo qo'atu naannichatti banameera.

Aartii Oromoo guddisuuf Giddugala Aadaa Oromoo Finfinneetti ijaarameera. Giddugalachatti iddoowwan agarsiisa tiyaatiraafi leenjii aartii qophaa'anii tajaajila kenna jiru. Artistoota barreessitoota gameeyyii aartii Oromoo guddisuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jiran kunneen akka Isaayyaas Hordofaa, Alii Birraafi Diimaa Abarrafaa aartii Oromoo balballoomsaa turan 12 beekantiifi badhaasa hanga niishaaniitti akka argatan taasisameera.

Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa har'a abbaa sektaroota sadiiti. Isaanis Giddugala Aadaa Oromoo, Inistiitiyuuti Qo'annoofi Qorannoo Oromoofi Komiishinii Turizimii Oromiyaati. Seektaroota kunneen babal'isuun hojiilee gama aadaa, aartiifi Afaan Oromoofi turizimii Oromiyaa guddisuufi babal'isuutiin raawwataman milkeessuu keessatti gahee guddaa qabu. Komiishiniin Turizimii Oromiyaa qabeenya turizimii Oromiyaa beeksisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Gama damee turizimiitiin paarkota, dahoo bineensotaa, haroowwan, lageen, fincaa'aawwaniifi holqawwanirratti hojiilee hedduun raawwatamuu himanii, holqoonni dhagaa keessaa 340 ol ogeessa holqaa biiroo keenyaa Naasir Ahmadiin qoratamanii adda bahaniiru. Paarkiin Biyyaalessaa Gaarreen Baalees 'UNESCO'tti akka galmaa'u ta'eera. Bosonni Yaayyoos sochii bal'aa taasisamaa tureen galme yeroo 'UNESCO' irratti akka galmaa'u ta'eera jedhu.

Bara 1980 keessa Oromiyaa keessa hoteelonni abbaa urjii jedhamuun beekaman kan hinturre. Hojiilee Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa damee hoteelaafi turizimiirratti raawwatamaa tureen yeroo ammaa hoteelonni 104 ol abbaa urjii ta'anii tajaajila kenna jiru.

Bara 1985 yaa'iinsa turistii biyya keessaa nama 500 kan hincaalle yeroo ammaa gara miliyoona 11tti guddateera. Turistoonni kunneenAyyaana Irreechaa, konfiraansiwwan, bakkeewwan seenaafi iddoowwan hawwata turistii naannicharratti bal'inaan hirmaachaa jiru.

Aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa laafeefi iddoowwan tokko tokkotti badee ture deebisuufis hojii bal'aan raawwatamuu eeranii, ummanni Oromoo aadaa, duudhaafi eenyummaasaa beekke akka guddatu gochuuf hojii bal'aan raawwatamuufi raawatamaa jiraachu ibsan.

"Oromoon ummata Sirna gadaatiin buluudha. Sirni Gadaa dhaloota qaru, aadaa, duudhaa, seerotaafi safuu barsiisee guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Sirna Gadaa keessatti



Obbo Olaanaa Tashoomaa

Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan Afrikaafi konfiransii idiladdunyaa ta'uuf carraa bal'aa qaba

hundumtuu akkaataa umurisaatti gahee mataasa qaba. Aadaafi duudhaa Oromoo ganamaatti deebi'uudhaaf Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa kallattii mootummaan naannichaa baaserratti hundaa'uun hojiilee guguddoo raawwatamaniin bu'aaleen hedduun galmaa'uu" jechuunis ibsu Obbo Olaanaan.

Hojiilee duudhaa Oromoo ganamaatti deebi'uuf raawwatamaa turaniin manni murtii aadaafi buusaa gonofaa Caffeedhaan beekamtii argatanii akka hundaa'an ta'eera. Manni murtii aadaa ummanni Oromoo duudhaasaa ganamaatiin akka bulu taasisuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira.

Manni murtii aadaa haqa baasuun qaamolee walitti bu'an araarsuufi hariiroosaanii duraanii caalaa cimsuu keessatti gahee guddaa qaba. Buusaa Gonofaan ammoo namoota deegan, balaa ibiddaa, hongeeff dhibeedhaan miidhamaniif deggersa taasisuufi deebi'anii akka dandammatan taasisuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira jechuunis eeru.

Oromiyaatti barnoonni Sirna Gadaa sirna barnootaa keessa galee kutaa 1ffaa-8ffaatti akka baratamu ta'uun dhaloonni duubaan dhufu aadaa, duudhaa, safuu Oromoo eegee akka guddatu taasisuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu himanii, namni namaaf akka na'uufis tajaajilli lammummaa bal'inaan akka kennamu ta'eera jedhu.

Tajaajila lammummaa kanaan manneen

harkaqaal'eeyyii hedduun ijaaramaniiru. Tajaajila lammummaa kanaan ummanni hanqina mootummaa humnaafi maallaqasaatiin akka tumsu ta'eera. Isaan kunneen hojiilee aadaafi duudhaa Oromoo ganamaatti deebi'uuf taasisamaa jiran ta'uu himaniiru.

Hojiilee Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa sektaroota biroo waliin waggoota 30n darban aadaafi duudhaa Oromoo badeefi laafee ture deebisuuf taasisaa tureen bu'aalee guguddoon galmaa'aniiru.

Irreechi Hora Finfinnee deebi'uufi Sirni Gadaa 'UNESCO'n galmaa'uun bu'aawwan guguddoo galmaa'an keessaa akka fakkeenyaatti eeramu. Muuxannoo hanga ammaatti horanne fayyadamuun gara fuulduraatti hojii kana caalu hojjechuuf qophiidha jedhu.

Hojii Afaan Oromoo guddisuuf raawwatamaa tureen afaanichi yeroo ammaa afaan 'Google' ta'eera. Bara 1980 dura Televiizhiniin biyya kanaa Afaan Oromootiif sa'aatii tokko qofa kenna. Har'a miidyaaleen 18 oltu Afaan Oromootiin hojjechaa jira. Maxxansaaleen Afaan Oromootiin qophaa'anii bahanis hedduudha. Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan Afrikaafi konfiransii idiladdunyaa ta'uuf carraa bal'aa qaba.

Afaan Oromoo afaanota hojii mootummaa federaalaa akka ta'aniif filataman keessaa tokko ta'eera. Kanaafis imaammanni Afaanii baheera. Imaammatachi Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiin ragga'ee gaafa hojiirra oolu Afaan Oromoo sadarkaa naannoo Oromiyaa qofatti utuu hintaane sadarkaa mootummaa federaalaatti hojiirra kan oolu ta'uus dubbataniiru.

Waa'een Afaan Oromoo toora xiyyeeffannoowwan mootummaa Oromiyaa keessaa tokko ta'uun Inistiitiyuutiin Qo'annoofi Qorannoo akka hundaa'u ta'eera. Yunivarsiitiwwan gara garaattis barnoonni Afaan Oromoo hanga digrii sadaffaatti kennamaa jira. Afaan Oromoo yeroo ammaa sadarkaa duubatti deebi'uu hindandeenyerra gaheera jedhu.

Uffannaafi faayaawwan aadaa Oromoos yeroo ammaa haala miidhagina qabuun qophaa'anii gabaarra jiru. Ummanni Oromoos uffanna aadaasaa bal'inaan uffataa jira. Uffannaan aadaa Oromoo ayyaanaota akka Irreechaa, fuudhaafi heeruma, walga'ii, konfiraansiwwaniifi sagantaalee gara garaarratti bal'inaan uffatamaa jira.

Waldaaleen 222 ol uffannaa aadaa dhahuu, ogummaa harkaarratti hirmaachaa jiru. Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaa waliin ta'uun waldaalee kunneen leenjisuufi hanga biyya alaatti walitti hidhamsiinsa gaba uumuufiin deggaraa jira. Yeroo ammaa uffannaan Aadaa Oromoo gaba biyya keessaafi alaatti daran barbaadamaa jiraachuufi hojii aadaa, duudhaafi Afaan Oromoo guddisuuf gama hundaan eegalame gara fuulduraattis cimee kan ittifufu ta'a jechuun eeraniiru.

Agarsiisni imala sektaroota mootummaa naannoo Oromiyaa waggoota 30 agarsiisu qophaa'uun sektaroonni muuxannoo gaarii akka walirraa qooddatan taasisuufi hanqina qaban akka guuttatan taasisuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf gara fuulduraattis cimee ittifufu akka qabu dhaamaniiru.

Abbootiin amantaa Ergaa Baga ayyaana...

dhiifama, walkabajuufi tokkummaan agarsiisuu qabu. Guyyaa ayyaanni kun ayyaaneffamu namoota dhukkubsatan, harkaqaal'eeyiif gargaarsa gochuun akka ayyaaneffatan waamicha dhiyeesaniiru.

Phaaphaasiin Bataskaana Kaatolikii Itoophiyaa Qulqulluu Kaardinaal Abun Birhaan Yesuus hordoftoota amantichaa hundaan ergaa baga ayyaana Du'aa Ka'uu bara 2016n nafaan isin gahee dabarsaniiru.

Ergaasaanii keessatti, ayyaanni Du'aa Ka'uu hiika fannoo beekuu akka barbachisu himanii; guyyaan har'aa guyyaa fannoon burqaa nagaan ta'ee ittimul'ateedha. Kanaaf, hordoftootni amantichaa kana hubachuun rakkoo jiruuf furmaata karaa nagaan dhama'uun furmaata biyyaaf ta'uu qabu jedhaniiru.

Guyyaa ayyaanaa kanatti, namoota harkaqaal'eeyii, sababoota gargaaraatiin qe'eesaaniirraa buqqa'an gargaaruun akka ayyaaneffatan dhaamaniiru. Bataskaanni Katolikii Itoophiyaa dhaabbilee tola ooltummaa Itoophiyaa keessaatti argaman waliin ta'uun naannawa walittibu'iinsi mudateefi hongeethaan miidhamanitti gargaarsa taasisaa jirti.

Pirezdantii Waldaa Kiristaanaa Warra Wangeelaa Makaana Yesuus Itoophiyaa Luba Doktor Yoonas Yiggazuu hordoftoota amantichaa hundaan baga guyyaa ayyaana

Du'aa Ka'uu Yesuus Kiristoosiin isin gahe jedhaniiru.

Ergaasaanii keessatti hiikaan dhoksa Du'aa Ka'uu nagaafi araarama. Kiristoos nagaan buusuuf nagaan dhama'uu himanii; hordoftootni amantichaa osoo nama sanyiifi qomoodhaan adda hinbaasin nagaan buusuuf nagaan dhama'uu qabu jedhan.

Hundumuu dhoksa kana hubachuudhaan osoo nama adda hinbaasin walii waliisaaniif ittigaafatamummaa qaban yaadachuu qabu. Ayyaanni kun wayita ayyaaneffatamu namoota harkaqaal'eeyiifi sababoota adda addaatiin qe'eesaaniirraa buqqa'an gargaaruun ayyaaneffatamuu akka qabu waamicha dhiyeesaniiru.

Pirezdantiin Gamtaa Waldaalee Kiristaanaa Warra Wangeelaa Itoophiyaa Paastar Tsaadiquu Abdoos hordoftoota amantaa Kiristaanaa biyya keessaafi ala jiraniif baga ayyaana du'aa ka'uu bara 2016n nagaan isin gahe jedhaniiru.

Guyyaa Du'aa Ka'uu guyyaa dhiifamni dhala namaaf ta'ee Waaqaafi dhala nama gidduutti araari bu'e agarsiisa. Guyyichi guyyaa haaloo ba'uun hafee dhiifami ta'e ta'uu himanii; duudhaan kun akkuma biyyaatti ammas barbaachisaadha jedhaniiru. Ayyaanichi harkaqaal'eeyii gargaaruun akka ayyaaneffatamu dhaamsa dabarsaniiru.

“Misoomni koriidarii dandeettiin...”

yeroo baatiilee ja'a hincaalle keessatti kan xumuramuufi namoota hedduuf carraa hojii uumuu danda'eera. Muuxannoon kun magaalota naannooti illee akka gad bu'u Doktor Abiyyi hubachiisaniiru.

Kaayyoon misoomichaa danaa magaalaa jijjiiruu, jireenya harkaqaal'eeyii fooyyessuu, waliigalaan biyyaafi magaalaa mijattuu dhaloota dhaalchisuu ta'uu eeranii; ta'us namootni maqaballeessiif hojii biyyaafi dhalootaa akkasii cilee dibaa jiran jiraachuu ibsaniiru. Hojii ashaaraa biyyaafi dhalootaa lafa kaa'uu gara jalqabaatti qormaata ta'us turee waan hubatamuuf hojiin eegalame cimee akka ittifufus hubachiisaniiru.

Namootni biyya keessaas ta'e biyya alaa taa'anii ceephoo hojiisaanii taasifatan wayita ijaarsi paarkiiwwan tokkummaafi Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaafaa xumuraman rifaatu guddaa

keessa galuu yaadachiisani; ummatni magaalattii olola oofamaa jiru jalaa kan calliseef waan hinmiidhamnee osoo hinta'in hawwii egeree bareeda arguu waan qabuuf jedhaniiru.

Abbootii qabeenyaa, ummata magaalattiifi qaamolee xumura misoomicha tumsaa jiran galateeffatanii; gama biraatiin hojii misoomaa kana lafarra harkisuuf malaammaltummaan kanneen pilaaniisaa ofirraa maqsuuf carraaqan jiraachuu ibsaniiru.

Manni fincaanii sadarkaasaa eeggate fageenya meetira 100 irratti ijaaramuu akka qabu, bakka balfi gogaan itti gatamu, bakkeen magariisaafi raabsaa boba'aa ilaalcha keessa akka galus qaamolee raawwachiisaniif ergaa dabarsuun, hojiin kun saffisaan akka xumuramuuf kallattii kaa'aniiru.

Inisheetiivwan 28 omishaafi...

qamadiirratti hojii hojjetameen lafti hektaara miliyoona 2.4 sanyii qamadiin uwwifameerra callaa kuntaalli miliyoona 81 kan argame yommuu ta'u sagantaa omisha qamadii bonaatiinis lafa hektaara miliyoona 2.8 omishamerraa callaan kuntaalli miliyoona 107 argamuu danda'eera.

Naannichi barana omisha idileetiin boqqoolloo lafa hektaara miliyoona 1.7, boloqqee hektaara kuma 950, garbuu biiraa hektaara kuma 320, ruuzii hektaara miliyoona tokko, maashoo hektaara kuma 210, saliixa hektaara kuma 340, suufii hektaara jahaatamafi ocholoonii hektaara kuma 200 irratti misoomsaa jiraachuu ibsaniiru.

Inisheetiivii Ashaaraa Magariisaan wal qabatee, sagantaa ganna bara kanaaf hanga kurmaana 3ffaatti biqiltuuwwan akaakuu garaagaraa biliyoona 4.9 qopheessuuf karoofamee karoora ol biqiltuuwwan biliyoona 5.5

qopheessuun danda'ameera. Biqiltuuwwan qophaa'an kunneen keessaa biqiltuun miliyooni 466 biqiltuuwwan muduraati. Biqiltuuwwan muduraa keessaayis biqiltuun muduraalee alergiif oolanifi gabaarratti baay'e barbaadaman kanneen akka avokaadoo, maango, teemirii, muuziifi gishxaanfaa bali'naan qophaa'aniiru.

Inisheetiivwan kunneenis ta'ee hojiiilee biroo milkeessuuf mootummaan naannichaa karoora xiiqqi baafatee socho'aa jirachuu himanii; kallattii kaa'ame hordofanii raawwachu dhabuun, xiqqeessanii karoorsuun, waan xiqqaatti quufuun, potenshaala jiru hubachuu dhabuun, garaagarummaan raawwii bal'aan godinaalee jidduutti jiraachuu yaadachiisaniiru. Hojii hunda haala walfakkaatuun qindeessanii hojjechuu dhabuun ji'oottan sagal keessatti dhimma akka hanqinaatti ilaalame keessaa tokko ta'uus hubachiisaniiru.

Gumichi milkaa'ina marii biyyaaleessaatiif...

Barreessaa Olaanaan gumichaa Luba Taagaay Taaddalaa gaafdeebii torban darbe Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisaniin akka jedhanitti, gumiinsaani milkaa'ina hojii Komishinii Marii Biyyaaleessaatiin deggarsa irraa eegamu taasisaa jira. Mootummaanis akka mootummaatti olaantummaa seeraa kabachiisuu qaba.

Gumiin keenyas akka olaantummaan seeraa kabajamuuf deggarsa nurraa eegamu taasisuu qabna jedhanii, walittibu'iinsota darbanii darbanii mudatan keessaa ba'uufi nageenya biyyattii mirkaneessuuf hunduu qindoominaan hojjechuufi mariif dursa kennuun akka barbaachisu ibsaniiru.

Gumichi ijaarsa nageenyaa, duudhaa nagaafi jaalalaan waliin jireenya ummataa gabbisuu, walitti bu'iinsotni karaa nagaafi mariitiin akka furamaniif haala mijjeessuurratti xiyyeeffatee hojjetaa jiraachuu beeksisaniiru.

Gumichi rakkooleen dhaabbilee amantii gidduutti akkasumas dhaabbilee amantiifi dhaabbilee mootummaa gidduutti mudatan mariidhaan akka furamaniif waltajjii marii qopheessuun haala kan mijjeessu ta'uus barreessichi himaniiru.

“Gumichi waamicha nagaan ni taasisa, labsii nagaan ni labsa, qaamolee nageenya booressaniifi gocha farra nageenyaa raawwatan ammoo ni balaaleffata. Ummata gidduutti argamuudhaan waltajjii qaamoleen walitti bu'anirratti walarganii rakkoosaanii mariidhaan furachuun araaraman ni qopheessa. Gumichi hojii kana jaarsolii biyyaa, abbootii Gadaa, Haadholii Siinqee, abbootii amantiifi namoota dhiibbaa uumuu danda'an waliin hojjetaa” jedhaniiru.

Biyyattiitti nageenyi akka mirkanaa'u taasisuun, duudhaa nagaafi jaalalaan waliin jireenyaa ummataa dagaagsuufi walitti bu'iinsota furuun araara buusuun hojiiilee ijoo gumichi irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiruudha. Gumichi hojiiilee kunneen siyaasarraa bilisa ta'ee hojjechaa jira jechuunis ibsaniiru.

Itoophiyaatti akka nageenyi wsaraan bu'uuf qaamni abbootii amantii Gumii Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa caalaa carraaquufi dhama'u hinjiru. Kun dhugaa qabatamaan mul'atuufi mootummaanis beekuudha. Sagaleen abbootii amantii akka dhaga'amuuf mootummaanis gargaaru qaba. Ummanis sagalee abbootii amantii dhaggeeffachuu qaba. Gumichi siyaasarraa bilisa waan ta'eef mootummaafi ummata gidduu ta'ee qaama dogoggore gorsee deebisa jedhan Luba Taagaay.

Dhaabbileen amantii Itoophiyaa ummata biyyattii %99 ta'u barsiisa amantiitiin qabuudhaan ijaarsa nageenyaarratti hojii bal'aa hojjechaa jiru. Gumichis abbootii amantiifi amantoota waliin ta'uun walittibu'iinsota amantiifi saba dahoo godhachuun bakkeewwan gara garaatti uumaman ittisuuf hojjechaa jira jedhan.

Hordoftoota amantii Kiristaanaa hundaan baga Ayyaana yaadannoo Du'aa Ka'uu Yesuus Kiristoosiin nagaan isin ga'e; ayyaanicha tokkummaan waliin kabajuun akkasumas harkaqaal'eeyii gargaaruun duudhaa waloomaa keenya qabatamaan mul'isuu qabna jedhan.

Guutummaa ibsasaanii Fuula Mijuurraa argattu

Misoomni koriidariichaa...

jedhaniiru.

Jiraattuu naannawa Bataskaana Kaatederaala Sillaasee kan ta'an Aadde Tsiggee Hayilees akka jedhanitti, magaalaa daandii hinqabne umrii dheeraa qabaachuura guddachuu hindandeessu. Magaalattiitti namni bakka tokko gara bakka biraatti imaluuf dhiphina daandiirraa kan ka'e karaarratti yeroonsaa gubata. Kun ammoo jiraattotaaf ittiquufinsa hinkennu. Sochii daldalaas harkifataa taasisa. Namootni sababa misoomichaatiin yommuu kaafaman akka jireenyi hawwaasummaasaanii adda hincinneef iddoo duran jiraachaa turanitti dhiyaatutti akka galan osoo taasifamee gaariidha.

Jiraataan naannawa Arat Kiiloo Doktor Solomoon Alii gamasaaniin akka jedhanitti, misoomni koriidarichaa faayidaa daldalaafi turizimii bira darbee jiraattotni jireenya gammachuu qabu akka jiraatan kan taasisudha.

Sababa misoomichaatiin ollootasaanii waggoota 40 hanga 50 waliin jiraachaa turan kaafamuun bakka biraatti

mana fooyya'a argatanii kan galan ta'uu himanii, gara fuulduraattis hojiiileen misoomaa yoommuu hojjetaman ittifufiinsaan haala jiraattota giddugaleessa godhaturratti jiraattota waliin mar'achuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Haaluma walfakkaatuun jiraataa naannawum Arat Kiiloo kan ta'an Obbo Masrashaa Taaddasaatis akka jedhanitti, magaalli yeroo hunda haala walfakkaataadhaan jiraachuura haaromfamee deebi'ee misoomuu qaba. Dhalotni dhufus hojii misoomaa amma hojjetamaa jirurratti haala yeroo madaaluun yeroo yeroodhaan magaalasaa fooyyessaa adeemutu irraa eegama.

Jiraataan naannawaa gamoo Bulchiinsa Kutaa Magaalaa Araadaa Obbo Taklahaymaanot Abboosees misoomni koridarichaa magaalattii bareechuuf, bu'uuraalee misoomaa guutuufi daandii bal'isuuf kan kaayyeffateedha. Hojichi hojii gaarii guddina biyyaas ta'e kan magaalaa dabaluu danda'u waan ta'eef, muuxannoon kun magaalota hundatti babal'achuu qaba jedhan.

ODUU

Miseensonni Shanee harka kennachuu ittifufan

Godina Boorana Bahaatti miseensonni ABO Shanee 107 ta'an waamicha karaa nagaan mootummaan taasiseef fudhachuun harka kennatan.

Godinichatti tarkaanfii olaantummaa seeraa mirkaneessuu qindoomina qaamolee nageenyaatiin fudhatamaa jiruun miseensota garee ABO Shanee rukutamaa jiru.

Tarkaanfii olaantummaa seeraa mirkaneessuu garicha irratti fudhatamaa jiruun yeroo ammaa miseensota ABO Shanee 200 ol ta'an barbadaa'uu Ittigaafatamaan Waajjira Bulchiinsaafi Nageenya Godina Boorana Bahaa Obbo Mallicha Galmaa himaniiru.

Miseensonni garichaa 107 ammoo waamicha karaa nagaan mootummaan taasiseefi badii garichi uummatarraan gahaa jiru jibbuun karaa nagaan harka kan kennatan yoo ta'u 16 ammoo booji'amaniiru.

Godinicha keessatti oppireeshinii cimaa qindomina qaamolee nageenyaatiin gaggeeffamaa jiruun yeroo ammaa kana diinni rukutamaa jira.

Raayyaa Ittisa Biyyaa Izzii Kibbaatti Ajajaa Ittaanaan Kutaa Waraana 41ffaa Koloneel Naasir Mohaammad tarkaanfii gama kanaan eegalame cimaa kan itti fufu ta'uu himaniiru.

Oduudhuma walfakkaatuun Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Arjootti Raayyaa Ittisa Biyyaatti Kutaan Waraanaa Giddugaleessaa ABO Shaneerratti karaa qindaa'een tarkaanfii fudhateera.

Garichi yaalii inni RIB irratti fudhachuuf taasise qolachuu bira darbee bakka seenee akka hin baane gochuun guutummaan guutuutti



akka rukutamu taasifamuun Ajajaan Ittaanaan Kutaa Waraanaa Koloneel Tagany Alii ibsaniiru.

Raayyaan Ittisa Biyyaa Aanaa Arjootti hawaasa naannoofi qaamolee nageenya waliin qindoomuun Gandoota hedduu humna diinaarraa bilisa taasiseera.

Gariichi meeshaa badiidhaaf itti fayyadamaa ture kilaashii 04, rasaasa, kaartaa kilaashii 14fi qabeenya meeshaalee waraanaa yoo booji'aman Aanaa Arjootti Ganda Guddinaa jedhamutti waraana taasifameen miseensonni garee shororkeessaa Shanee hedduu barbaada'aniiru.

Haaluma wal fakkaatuun Ajaja Kutaa Waraanaa Lixaa Wallagga Bahaa Aanaa Gudayyaa Biilaatti garee shororkeessaa kanarratti tarkaanfii fudhatameen gaaga'ama hawaasummaafi qabeenya kan irratti qaqqabe ta'uu Ajajaan Waraanaa Kutaa Waraanaa Leetenaal Koloneel Kalifaa Ittaanaa ibsaniiru.

Aanicha keessatti Ganda Abbaay Daallee jedhamutti garee shororkeessaa kanarratti tarkaanfii fudhatameen miseensota garichaa 27 irratti tarkaanfii yoo fudhatamu miseensonni 9 booji'amaniiru. Dabalataanis Kilaashiin 03, meeshaa waraanaa duubatti hafa 16, shigguxii 02, kaartaa kilaashii 12fi hidhanni mudhii tokko booji'amuu ibsameera.

Qophii nageenyaa Ayyaana Faasikaa ilaalchisee ibsa Komishiinii Poolisii Oromiyarraa kenname

Hordoftoota Amantaa Kiristaanaa hundaaf бага Ayyaana Faasikaa (Sooma Hiikaa) bara 2016n isin gahe jechaa, Komishiiniin Poolisii Oromiyaa ergamasaa gama hundaan hojiirra olchuuf hirmaannaa ummataatiin hojjachaa tureera, ammas hojjachuurratti argama.

Ergamnisaa guguddoon nageenya naannoo mirkaneesuufi olaantummaa seeraa kabachiisuuf dandeettii raawwaachisummaa cimsachaa ayyaanotni ummataa guguddoon yaaddoo rakkoo nageenyaa malee akka kabajamaniif yoomiyyuu caalaa qophii gahaa gochuudhaan hojjachaa jira.

Ayyaanni Faasikaa hordoftoota amantaa Kiristaanaa kan bara 2016 rakkoo nageenyaa malee akka kabajamuuf qophii hunda xumuree hojii keessa galeera.

Ayyaanichi ayyaana guddaa hordoftoota amantichaa biratti iddoo olaanaa qabuufi sirna ho'aadhaan kabajamu waan ta'eef kan baranaas nagaan akka kabajamuuf xiyyeeffannoon addaa kennameefira.

Komishiiniin Poolisii Oromiyaa akkuma kanaan duraa ayyaanota ummataaf xiyyeeffannoo addaa kennuudhaan, humna poolisii qabuufi qaamolee nageenyaa biroo qindeessuudhaan, milkaa'ina ayyaana kanaaf komishiiniirraa hanga gadiitti hojii farreen nageenyaa iddoowwan adda addaatti sochii godhaniin nageenyi akka hinboorofneefi ummatni tasgabbaa'ee ayyaanasaa karaa nagaan akka hinkabajanneef sochii gufachiisaa godhamu kamuu fashaleessuuf hawaasni odeeffannoo wayitawaa ta'e qaamolee nageenyaaf kennuufi iddoo jirutti gurmaa'ee nageenyasaa akka eeggatu waamicha dabarsa.

Dhimmoota bittaafi gurgurtaa gabaa ayyaanaatiin walqabatee hannaafi gowwoomsaa adda addaarraa akka of eeguufi sochii tiraafikaafi balaa abiddaatiinis walqabatee ummatni of eeggannoo cimaa gochuu akka qabu, dabalataanis ummatni wantootni addaa yeroo isa mudate qaamolee dhimmi ilaalu waliin walqunnamuun furmaata akka argatuuf tumsuu qabuu kan jedhu dhaamsa Komishiinii Poolisii Oromiyaati.

Ayyaana gaarii!

Komishiinii Poolisii Oromiyaa

Walitti hidhamissaa Indastiriifi kanneen oomisha barbaadan jidduu jiru cimsuun misooma si'eessuun barbaachisaadha.

Walitti hidhamissaa Indastiriifi kanneen oomisha barbaadan jidduu jiru cimsuun misooma ariifachiisuun barbaachisaa ta'uu Ministira Muummee Ittaanaa RFDI Obbo Tamasgeen Xuranaa himan.

Jilli isaaniin durfamu magaalaa Bahaar Daaritti sosochii hojii misooma jiru daawwateera.

Obbo Tamsgeen wayita kana akka himanitti magaalaa Bahaar Daaritti indastirii, bu'uura misoomaa fi sagantaa maaddii guutuun hojiin hawaasa fayyadamaa taasisu hojjetama jiru.

Warshaan nyaata beelladaa oomishu kan magaalichatti argamu beellada furdisuuf, saawwan aannaniif, lukkuuf, gaalaafi nyaata beelladoota biroo oolu oomishaa jiraachuu daawwachuu himaniiru.

Kunis gaaffii dhiheesii nyaata beellada naannolee birootti sagantaa maaddii guutuu fi horsiisa beelladaa irratti kanneen bobba'an dhiheessan kan furudha jedhaniiru.

Rakkoo dhiheesiifi fedhii jiru walsimsiisuurratti mul'atu guutuuf walitti hidhamsa uumuun lammileen damee kana



irratti bobba'an warshicharraa nyaata beelladaa haalli argatan mijachuu qaba jedhaniiru.

Karaa ammayyaan ijaarama kan jiru riqichi

guddan Abbayyaarratti ijaarama jiru yeroo dhihootti yoo xumuramu guddina saffisaa magaalichaaf gahee olaanaa qaba jedhaniiru jechuun TOIn gabaaseera.

ODUU

Hojiin omishaafi omishtummaa warqee guddisuu qorannoon deeggaramee adeemsifamaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Duraamee: Biiron Qonnaa Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa Yunivarsiitiwwan Walqixxee, Waraabeeffii Waachaamoo naannicha keessa jiran waliin ta'uun omishaafi omishtummaa qaachoo guddisuufi babal'isuu, nyaata omishicharraa argamu qindeessuufi dhibee omishicha miidhu ittisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu beeksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Usmaan Surur garee Gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti akka himanitti, naannichatti omisha warqee (qaachoo) babal'isuuf barana biqiltuwwan qaachoo miliyoona 84 raabsuuf karoofatee miliyoona 87 raabseera. Bara dhufu ammoo biqiltuwwan qaachoo miliyoona 1.5 qopheessee raabsuuf karoofateera.

Warqeen waan hongee dandamatuuf omisha kana keessumaa naannawa gammoojjii babal'isuuf hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Omishicha qindeessuun daakuutti jijjiiree gabaa biyya keessaafi biyya alaaf dhiyeessuuf hojjechaa jiraachuus himanii, omisha qaachoorraa waanti gatamu tokko kan hinjirre ta'uufi qaachoon nyaata namaa, beelladootaafi gabbina biyyeef daran barbaachisaadha.

Nyaatni warqeerraa tolfamu hanga ji'a tokkoofi isaa olii turuu waan danda'uuf nyaatawwan akaakuu midhaanota gara garaarraa tolfamanirraa adda ta'uus himaniiru.

Omishaafi omishtummaa qaachoo guddisuufi babal'isuun wabii nyaata mirkaneessuufi jijjiirama haala qilleensaa eegsisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeru.

Qorannoo qaachooratti adeemsifameen kan nyaataaf ooluufi qorichummaaf oolu adda bahuu himanii, warqeen hundi maqaa tokkoon waamamus faayidaa kennaniin

Yunivarsiiti Walqixxeetti, Pirezidaantii



Ittaanaan Qorannoo, Tajaajila Hawaasummaafi Ce'umsa Teknolojii Doktor Yohaannis Gabruu akka jedhanitti, yunivarsiitichi omishaafi omishtummaa qaachoo guddisuuf qorannoo gara garaa adeemsisaa jira.

Omishaafi omishtummaa qaachoo guddisuufi babal'isuun wabii nyaata mirkaneessuufi jijjiirama haala qilleensaa eegsisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeru.

Qorannoo qaachooratti adeemsifameen kan nyaataaf ooluufi qorichummaaf oolu adda bahuu himanii, warqeen hundi maqaa tokkoon waamamus faayidaa kennaniin

gargari. Akaakuun warqee qorichummaa qabus jira.

Warqeen nyaata qofaaf utuu hintaane meeshaaleen mana keessaa danuutu irraa hojjetama. Qorannoo dhiyeenya ifa ta'een haftesaarraa waraqaan jabina qabu kan hojjetamu ta'uus eeraniiru.

Akka Doktor Yohaannis jedhanitti, qaachoon waan hongee dandamatuuf akaakuuwwan midhaanii biroorraa adda.

Balaa hongee yeroo gara garaa biyya keenyatti mudateen hawaasni naannawawwan qaachoon baay'inaan itti

omishamu jiraatu daran hinmiidhamne.

Omishni isaas utuu bakkeewwan hundatti babal'atee wabii nyaata mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yunivarsiitichi bakkeewwan kanaan dura qaachoon itti hinbeekamnetti omishicha babal'isuuf hojjechaa jira.

Yeroo ammaa nyaatni warqee baadiyyaatti qofa utuu hintaane magaalotattis daran baratamaa dhufuu himanii, kanaafuu omishaafi omishtummaasaa qaachoo guddisuun hojji xiyyeeffannaa addaa kan barbaadu ta'uu eeraniiru.

Yunivarsiitiin Walqixxee omishaafi omishtummaa qaachoo guddisuuf barana qorannoo 'Call for Enset' jedhamu qorattoota yunivarsiitichaafi qorattoota akka biyyaatti qorannoo adeemsisan hirmaachisuun irratti hojjechaa jira kan jedhan Doktor Yohaannis, yunivarsiitichi omishaafi omishtummaa qaachoo guddisuu, babal'isuufi sanyisaa eeguurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuus himaniiru.

Qorannoo yunivarsiitichi adeemsiseen qaachoon adda addaa 71 jiraachuufi tokkoon tokkoonsaanii faayidaa gara garaatiif kan oolan ta'uu himanii, yunivarsiitichi omisha kanarratti qorannoo adeemsisuu erga jalqabee waggaa saddeet ta'uus eeraniiru.

Nyaata warqee qopheessuun hojjelee humna haadhooliitiin raawwataman keessaa isa baay'ee dadhabsiisaa ta'uu himanii, dadhabbiin kana salphisuuf dhaabbileen adda adda maashiinota gara garaa hojjechuuf yaalii taasisaniiru. Yunivarsiitiin Walqixxees maashiinota nyaata qaachoo qopheessuuf gargaaran lama kalaqera.

Maashiinota kanneen qonnaan bultoota hundaa biraan ga'uun rakkisaa waan ta'eef dubartoota gurmaa'aniif kennuuf hojjechaa jirraachuus himaniiru.

Bishaan waa hunda!

Bishaan qabeenyawwan uumamaan nuu kennaman keessaa isa olaanaafi jireenya lubbuu qabeeyyiitiif daran murteessaa ta'eedha. Waan bishaan malee lubbuun jiraachuun jiraachuun hindanda'amneef bishaan lubbuudha jedhama.

Bishaan malee misoomni hin yaadamu, misooma sadarkuma tokkollee deemsisuun hindanda'amu. Bishaan lubbuudhaaf kenname waan ta'eef maalumaanuu madaaluu hindandeenyu.

Doktor Waaqgaarii Furiin barsiisaa Yunivarsiitii Finfinneeti. Hayyuun kun tibbana ogeeyyii bishaanii Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaatiif leenjii kennanii turan. Leenjii kennan maddiitti beekumsaafi muuxannoo qaban haala ittaanuun qoodaniiru.

Haala ittifayyadama qabeenya bishaaniifi ogummaasaa

Qabeenya bishaanii bulchuufi sirnaa

ittifayyadamuun ogummaafi beekumsa olaanaa barbaada. Hojiin bishaanii beekumsaafi ogummaa olaanaa barbaada.

Ogummaa malee ummata bishaan qulqulluu obaasuun akka hindanda'amu. Yoo ogummaarratti hundoofnee hojjenne garuu haaluma salphaan tajaajila ummata biraan gahuu dandeenya.

Biyyoonni guddatan ka'umsi guddinasaanii qabeenya bishaaniisaanii sirriitti fayyadamuudha. Biyyi kamuu yoo qabeenya bishaaniisheetti hingargaaranne guddina yaadamu galmeessisuuf nirakkatti.

Sababnisaas galteen misoomaa inni duraa waan bishaan ta'eefi. Namni yoo bishaan dhuge, qulqullaa'e, nageenya argate malee misoomatti bahuu hindanda'u.

Waanti nyaatamu bishaanirraa dhufa, nyaachuufillee bishaan nu barbaachisa. Kanaaf bishaan waa hunda. Bishaaniifi faayidaasaa jecha tokkoon kana jedhamee

waan ibsamu miti.

Qabeenya bishaanii addunyaa, Itoophiyaafi Oromiyaa

Addunyaan kun harki sadii keessaa harki lama bishaani. Harki lama bishaani jedhamus hundi qulqulluudha jechuu hindandeenyu. Galaanota guguddoo dabalatee harki 97.6 bishaaniin uwwifamtee jirti. Bishaan qulqulluu kan taate %2.6 addunyaan kun fayyadama. Ishee harka 2.6 gara harka 100tti fidnee yoo ilaalle garri caalaan bishaan lafa jalaa gara harka 36 kan qabatu yoo ta'u inni hafe gara harki lama bishaan lafa irraati. Kunis bishaanota yaa'an 'river stream, haroo, (Glashar) Kan cabbiin uwwifamanii jiran dabalatee jechuudha.

Biyyi keenyas bishaan gahaa qabdi. Fakkeenyaaf bokkaan waggaa waggaaatti roobu meetirkiyuubii biliyoonaan lakkaa'amu ta'a. Roobni kun qabeenya bishaan biyyi keenya qabdu jechuun

nidanda'ama.

Akka biyyaatti Roobni waggaa waggaa roobu gara meetirkiyuubii biliyoonaan 100 hanga 110 ta'a. Kana jechuun ija saayinsiitiin kan jedhamu waggaa waggaaatti kan haareffamu jechuudha. Qabeenya bishaanii kun kan deemu malee kan kuufamee taa'uu miti jechuudha.

Akka Oromiyaatis Roobni waggaa waggaa roobu meetirkiyuubii gara biliyoonaan 400 hanga 500 ta'a. Kan lafa seenu meetirkiyuubii biliyoonaan 35 hanga 45 ta'a. Bokkaa roobaa jiru kanatti akka Oromiyaatti haala barbaadamuun ittigargaaramaa hinjirru.

Kanaafi, rakkoo bishaanii qabna jennee kan dubbannuuf. Kun haala saayinsaawaa taa'een ittigargaaramuu dhabuufi akkaataa itti gargaaramaa jirutu nu dhabsiise malee Oromiyaan qabeenya bishaanii badhaatuudha.

ODUU

“Omishni misooma jallisiirraa arganne...”

darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, kanaan dura beeyiladaafi bu'aalee beeyiladaarraa kan hafe muuxannoo hojii qonnaa hinqaban. Bara darbe garuu pirojektota Finnaatti fayyadamuun misooma jallisiin omishaaleen argatan horsiisa beeyladaa cinatti hojii qonnaarratti akka fuulleffatan isaan kakaaseera. Hongee hamaan bara darbe godinichatti mul'ates falaasama jireenyaa haaraa kana akka hordofan isaan dirqisiiseera.

Mootummaan naannichaa sanyii filatamaafi guddistuu callaa isaaniif dhiyeessuun cinatti haala omishtummaan lafasaanii itti dabalanniratti hojjetaan misooma qonnaa deggersa ogummaa isaaniif taasisaa turuus yaadachiisaniiru.

Dargaggoo Kanee Soraa jiraataa aanaa Mooyyaalee yommuu ta'u kanaan dura fooniifi aannan beeyladaa fayyadamuurraa kan hafe aadaan lafa qotanii midhaan oomishuu akka hin qabne dubbata. Bara darbe hongee mudateen beeyladoo nisaanii midhamuun jireenyisaanii beeyiladaafi bu'aa beeyiladaa qofarratti hundaa'e daran hubamuu ibseera.

Ummatni sababa hongeen beelaaf saaxilame dirqamee bara darbe deeggarsa mootummaan taasisaan dirqamee misooma jallisiitti seenuun yeroo jalqabaaf



Dargaggoo Kanee Soraa



Obbo Kormaa Godaanaa



Obbo Shamad Duubaa



Aadde Garoo Galgaloo

boqqolloofi boloqqee omishuusaa yaadachiiseera.

Akka inni jedhutti, bara darbe namootni 200 ta'an waldaan gurmaa'anii lafa hektaara 23 jallisiin omishanirraa boqqolloo qofa gara kuntaala 210 ol argataniiru. Horsisee bultoonni kanaan dura misooma jallisiiratti hirmaachuu lagachaa turan bu'aa argame kanaan maasakamanii waldichatti makamaa jiraachuun cinatti namootni misooma jallisi kanarra bu'aa argatanis hojii caaluuf of qopheessaa jiraachuu dubbateera.

Jiraataan biraa Obbo Kormaa Godaanaa akka jedhanitti, dhalatanii akkuma warrasaanii beeyilada horsiisuurraa kan hafe qonnarratti bobba'anii hin beekan.

Hongeen bara darbee beeyiladasaanii akka malee waan miidheef beelaafi abdi kutannaa hamaaf isaan saaxilee ture.

Mootummaan deeggarsa midhaan nyaataa taasisuufin cinatti misooma jallisiiratti akka hirmaataniif deeggarsa isaaniif taasisus namuu fedhii dhabe dide. Boodarra dirqamni dhufnaan misooma jallisiiratti hirmaachuun bu'aa olaanaa argatan. Amma garuu bu'aan argatan jireenyasaaniif wabii waan ta'eef hojii ittaanuuf isaan kakaaseera.

Jiraataan godinichaa Obbo Shamad Duubaa jedhaman gamasaaniin akka jedhanitti, pirojektii bishaanii mootummaan dhiyaateefii kun beeyladasaanii wabii

ta'uun cinatti bona darbe asheeta boqqolloo, raafuu, timaatimii, qullubbiifi kanneen biroo akka oomishatan isaan dandeessiseera. Bishaan dhugaatii qofa osoo hin taane bishaan qulqullinasaanii ittiin eeggatan argataniiru.

Hongeen bara darbee kutaalee hawaasaa hunda hubus kan dubartootaa dachaadha kan jedhan ammoo Aadde Garoo Galgalooti, Akka isaan jedhanitti, dubartoonni fageenya kiilomeetira hedduu imaluun bishaan dhugatii dugdatti baatanii fiduun maatii jiraachisu. Amma sun hunduu seenaa ta'ee bishaan oomisha qonnaafuu itti fayyadamaa jiraachuu ibsaniiru.

Kutaalee biyyattii tokko tokkotti balaan lolaa tasa mudachuu mala


Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Guyyoota kurnan ittaananitti kutaalee biyyattii tokko tokkotti balaan lolaa tasa mudachuu waan danda'uuf of eeggannoon barbaachisu akka taasifamu Inistitiyutiin Metiworoloojii Itoophiyaa hubachiise.

Inistitiyutichatti, Daarekitarri Ittaanaan Raagaa, Akeekkachiisa duraa, Gorsaafi Damee qorannoo Doktor Asaamminoo Tashoomaa ibsa Roobii darbe Gazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, qaamolee bishaaniifi qilleensa keessatti taateewwan metiworoloojii sababa godhachuun kutaalee biyyaa tokko tokkotti rooba guddaa roobuun balaan lolaa tasa mudachuu waan danda'uuf hawaasni of eeggannoo barbaachisaa taasisuu qaba.

Akka ibsasaaniitti, Itoophiyaa Kaabaa, Kibbaa Bahaa, Giddugaleessa, Bahaafi Kaabni rooba guddaa argachuu waan danda'anii of eeggannoo bala lolaa taasisuu qabu. Isaanis, godina Jimmaa, Shawaa hundatti, Arsii, Arsii Lixaa, Baaleefi Baalee Bahaa, Gujiifi Gujii Dhihaa, Booranaa, Harargee Bahaafi Lixaa bakkeewwan tokko tokkotti rooba guddaa argatu. Naannoon Hararii, Dirree Dhawaa, Finfinnee, Naannoo Amaaraatti godina Walloo Kaabaafi Kibbaa, Waaghimraa, Shawaa Kaabaatti rooba babal'ataafi naannawawaansaanii tokko tokkotti rooba guddaa argatu.

Godinaalee naannoo Affaar, Tigraayi Kaabaa, Kaaba Bahaa, Giddugaleessa, Bahaa akkasumas, Itoophiyaa Kibbaa, Itoophiyaa Kibba Bahaa, Itoophiyaa



guddugaleessaa, naannolee Sidaamaafi Sumaaleetti rooba babal'ataafi nannawaasaanii tokko tokkotti rooba guddaa akka aragatan ibsaniiru.

Qellem Wallaggaa, Horroo Guduru Wallaggaa, Buunnoo Baddallee, Iluu Abbaaboor, Gondar Kibbaa, naannawa Baahirdaar, Gojjam Bahaafi Dhiyaa, godinaalee Gaambeellaa, Beenishaangul Gumuz Asoosaa, Maa'oo Koomoo aanaan addaa rooba salphaa hanga giddugaleessaa akka aragatan raagameera.

Bakkeewwan rooba arfaasaatiin omishanitti taateen meetiworoloojii roobaaf sababa ta'an cimee ittifufu himanii; kutaalee biyyaa roobni arfaasaa ijoofi lammaffaa ta'efi Itoophiyaa Kibbaa, Bahaa, Kaaba Bahaafi giddugaleessaatti

rooba salphaa hanga guddaatti akka qabaatantu eegama jedhaniiru.

Guutummaa ji'a Caamasatti kutaalee rooba arfaasaa aragatanirraa roobni arfaasaa suuta suuta hir'achaa deemuun uumamuu rooba gannaaf sababa ta'an taateewwan metiworoloojii uumamaniin walqabtee roobni cimaan gara Itoophiyaa Kibba Dhiyaafi Kutaalee biyyaa gara dhiyaatti babal'atas jedhaniiru.

Ji'a ittaanutti kutaalee biyyaa fayyaadamoo rooba arfaasaa ta'anitti roobni jabaachaa deemuun walqabatee ji'oota sadan darban keessa rooba roobaa tureen ol roobi fooyya'aan kutaalee biyyaa hedduutti roobuu danda'a.

Kanaaf roobni eegamu midhaan dursanii



faca'anii sadarkaa guddinaarra jiran, biqiloota dhaabbatoof fedha bishaanii guutuuf bu'aa qaba. Horsisee bulaaf nyaata beeyiladaa argamsiisuufi bishaan ga'aa akka argatan akka taasisuu himanii; bakkeewwan rooba gannaa hinarganne nyaata beeyladaa ammarraa eegalani walitti qabachuu qabu jedhaniiru.

Dabalataanis, naannawa qarqara bishaanii omishi jiru, bishaanni irraciisuu malu, bala lolaan haramuu, sigigaachuurraa ooluuf bo'oo lolaa ittisu gamanumaan qopheeffachuu barbaachisaa akka ta'e dhaamaniiru. Naannawaa magaalatti ammoo ujummoo balfa dhangala'aan akka hincufamne akkasumas ittisa bo'oo lolaa qophaa'uu qaba jedhaniiru.

Bishaan lafa irraafi jalaa dabalaa waan deemuuf roobni roobu osoo lafa keessa hinseenin lolaatti jijjiiramee qabeenyaaf lubbuu namarraan balaan akka hinqaqqabneef hawaasi bakkeewwan bala lolaa saaxilamoo ta'anitti of eeggannoo cimaa taasisuu qaba jedhan.

ODUU

Ji'oota saglan darbanitti aannan liitirri biliyoona 7.2 omishame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Inisheetivii Maaddii Guutuun ji'oota saglan darbanitti aannan liitirri biliyoona 7.2 omishamuu Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministeerichatti Gorsaan Ministira De'etaa Damee Misooma Beeyiladaafi Qurxummii Doktor Yohaannis Girmaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan biyya potenshaala qabeenya beeyiladaa guddaa qabdu taatus qabeenya qabduuf xiyyeeffannoo gahaa kennuu dhabuusheetiin faayidaa argachuu qabdu argachaa hinturre.

Ammaan tana garuu jalqabuu inisheetivii damichaatiin walqabatee bu'aa abdachiisaa argamsiisaa jirti. Inisheetivichaan omishaafi omishtummaan beeyiladaa mala ammayyaatiin deeggaramuu himanii; galteen misooma beeyiladaafi bu'aalee



Doktor Yohaannis Girmaa

beyiladaa finiinsuuf gargaaranis dhiyaachaa jiraachuu ibsaniiru.

Inisheetivichaan hojiin omishaalee akka

foon diimaa, aannan, foon lukkuu, killee, qurxummiifi damma hojjetamaa jira jedhanii; omishtummaa omishaalee kunneenii dachaadhaan guddisuuf karooraan raawwatamaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsa Doktor Yohaannisitti, jalqabamuu inisheetivicha dura foon lukkuufi killee omishuuf waggaa guutuu cuucii miliyoona 20 hincaalletu dhiyaachaa ture. Amma garuu dhiyeessii dachaan dabaluuun ji'oota saglan darbanitti qofa cuuciiwwan guyyaa tokkoo miliyooni 57 dhiyaataniiru. Omishaafi omishtummaa dammaa dabaluuufis gaagurri ammayyaa miliyoona 1.1 ol raabsameera.

Rakkoolee omishtoota damichaa mudatan furuufis galtee isaanif barbaachisan gabaa alaati akka galfataniif mootummaan doolara Ameerikaa miliyoona 37 isaaniif eyyamuusaa ibsaniiru.

Haaluma kanaan ji'oota saglan darbanitti foon diimaa toonii kuma 449 omishuufkaroofamee toonii kuma 564, foon lukkuu toonii kuma 100 omishuuf karoofamee toonii kuma 127, killee biliyoona 5.1 omishuuf karoofamee biliyoona 4.6, aannan liitira biliyoona 7.4 omishuuf karoofamee liitira biliyoona 7.2, damma toonii kuma 114 omishuuf karoofamee toonii kuma 191, qurxummii toonii kuma 117 omishuuf karoofamee toonii kuma 111 omishamuu himaniiru.

Naannoleen hundi hubannoo walfakkaataafi dadammaqiinsa walfakkaataan hojjechuu dhabuun, galteewwan alaa galan bitanii galchuuf hanqinni sharafa alaa jiraachuun, hojii dhabaa ariitii barbaadamuun omishawwan kunneeniirratti gurmeessuu dadhabuun dhimmoota akka hanqinaatti adda ba'an ta'uu yaadachiisaniiru.

Itoophiyaan buna toonii kuma 175 alatti erguun doolaara miliyoona 836 argatte

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Ji'oota saglan darbanitti Itoophiyaan buna toonii kuma 175 gabaa alaatti erguun doolaara Ameerikaa miliyoona 836 kan argatte ta'uu, Abbaan Taayitaa Bunaafi Shaayii beeksise.


Abbaa taayitichaatti raawwachiisaan hojii Qunnamtii Ummataafi Kominikeeshinii Obbo Saayilamaariyaam Gabramadin turtii ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan abbaa buna dhandhamasaatiin adda ta'eefi Arabikaa jedhamuuti. Addunyaarraa buna omishuun sadarkaa shanaffaarratti, erguun immoo sadarkaa saglaffaarratti argamti.

Haata'u malee, baroota dheeraaf sababootawwan ijoo akka buna dheedhiirratti sona dabaluu dhabuufi funcaan gabaa bunaa dheerachuun walqabatee biyyattiis ta'e, omishtootni bunaa faayidaa maluuf argachaa hinturre jedhan.

Waggoota muraasa rakkoo sona dabaluu dhabuufi funcaan gabaa faana walqabatu hambisuuf hojjetamaa jiraachuu eeranii, omishtootni bunaa kallattiidhaan omishasaanii kalattiin gabaaf akka dhiyeessan gochuuf hojii hojjetameen qonnaan bulootni 500 ol buna alatti erguu jalqabuu ibsaniiru.

Kanaan dura qonnaan bulootni buna omishan gatii faddalootniif daldalootni 'shallaganiif fudhachuu malee gatiisaa murteessuu hindanda'an ture. Kana hambisuufis qonnaan bulootaafi omishasaa gabaa addunyaatiin hojiin walbarsiisuu tarsiimoodhaan hojjetamaa jira jedhan.

Qonnaan bulaan buna qulqullina qabu omishu



Obbo Saayilamaariyaam Gabramadin

dorgommiif dhiyeessuun gatii fooyyee qabutti akka gurguratu gochuufis sagantaa kaap of ekselansii jedhamu bara 2012rraa eegalee qopheessuun hojii hojjetameen qonnaan buloota buna qulqullina qabu omishan fayyadamaa taasisuun danda'amuus Obbo Saayilamaariyaam eeraniiru.

Dorgommii bara 2015 adeemsifameen qonnaan bulaan bunnisaa qulqullinaan tokkoffaa ba'e buna kiilooگرامaa tokko hanga qarshii kuma 47tti kan gurgurate ta'uus yaadachiisaniiru.

Ji'oota saglan darbanitti buna toonii kuma 240 erguun galii doolaara Ameerikaa biliyoona 1.2 argachuuf karoofamee toonii kuma 175 erguun doolaara miliyoona 836 argachuun danda'amuufi gabaa addunyaatti gadideebi'uun gatii bunaa, rakkoo nageenyaa naannawa galaanaa diimaatti mudatefaan hudhaalee alergii bunaa ta'uu ibsaniiru.

Bishaan ...

Akka Afrikaatti Koongootti aanee biyyi qabeenya Bishaaniin badhaatuu taate Itoophiyaadha. Itoophiyaan sadarkaa qabeenya bishaaniin akka ardiitti sadarkaa 2ffaa irratti argamti jechuudha. Garuu hammam itti gargaaramaa jirra yoo jenne kan walnugaafachiisuudha.

Yommuu pirojektiin bishaanii hojjetamu bishaan dhabamuu

"Bishaan lafa jalaa iddoo ittikuufamu qaba. Iddoo bishaan lafa jalaa jiru kun ammoo qorannoodhaan adda baha. Bishaan lafa jalaa bakka irra deemu, bakka ittikuufamee jiru kan sirriitti agarsiisu qorannoodha.

Qorannoo geggeessuuf ogeessa cimaa gaafata. Bishaan callisameedhuma hinqotamu. Dura qorannoodhaan adda baafama. Yoo hanqinni qorannoo jiaate erga boolli qotamee booda bishaan dhabamuu danda'a. Yeroo tokko tokko qotiinsi boollaa taasifamu ogeessaan ta'uu dhabuunis rakkoo kana hordofsiisuu danda'a.

Yoo ogummaafi saayinsii walitti fidnee hojjenne malee bishaan nidhabama. Kun immoo baasii garmalee hinmalleef nu saaxila. Kanaaf hanqina ogummaafi teknolojii malee qotuun bishaan dhabamuufi boolli goguun nimudata.

Furmaata kanaa

Rakkoo kana furuuf dandeettii ogeessotaa leenjiidhaan gahoomsuudha. Kana gochuun hojii hojjennu karoorsuu, waan karoorsine akkaataa karoorsineen hojiitti hiikuudha. Karoorri waan baay'ee of keessaa qaba. Innis qorannoofi dizaayinii taasisuu, ispeesifikeeshinii baasuufi

rakkoowwan gama kanaan jiran furuuf murteessadha.

Erga qorannoon ispeesifikeeshiniidhaan adda bahee immoo rakkoo hojiirratti mudatu furuuf keessumaa geggeessuufi hordofuu, dafanii xumuruurratti, inni xumurames umurii dheeraa akka qabaatu taasisa.

Dhaamsa Hoggantuu Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa Injiinar Miliyoona Baqqalaa

Ittifufiinsa leenjii

Qaawwa ogummaafi dandeettii raawwachiisummaa hojiirratti mul'atu furuuf Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa Ogeessota bishaanii sadarkaa Naannoorraa eegalee hanga aanaatti jiraniif leenjii kennuu eegalee ittifufa.

Rakkoo gama ogummaa dhabuun uumamu furuuf leenjichi murteessaa ta'uun hubatameera. Qaamni deggartootaafi qooda fudhattootaas kana hubachuun tumsa barbaachisu taasisuun barbaachisaadha.

Pirojektota keenya hordofuufi sirnaa hojjetamanii fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf hidhannoon teknolojiiif beekumsaa akkaan nibarbaachisu. Kanaafuu ogeessota bishaanii keenya yeroo yeroon leenjisanii gahoomsuun murteessaa ta'uu Hoggantuun Biirichaa Inj. Miliyoona Baqqalaa wayita leenjiin ogeessota Bishaanii sadarkaa naannoofi Godinaaleef kennamu eegalchiisan himaniiru.

Bishaan Lubbuudha!



BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin

“Dargaggoo Roonaaldoo faarsu miti Roonaaldoo caalu horachuuf hojjechuu qabna”

- Obbo Tijaanii Naasir

Waasihun Takileetiin

Jimma: Waa'een kubbaa miilaa biyya alaa gafa ka'u dhiirri, dubartiin kara deemaan seenaa kilabiisaanii, seenaa taphattootaa, akkaataa taphasaanii gola jireenyasaanii xiinxalee balballoomsu kumaaf kitiladha.

Jarri waa'ee taphattoota kanneenii haasa'an waa'ee taphattoota kanaa koorsii addatti fudhatan hinqabani haata'u garuu turtii yeroon hordoffii fedhiiratti hunda'een waa'ee taphattoota garaa garaa beekuun, xiinxaluun dargaggoota baay'ee biratti baratamaadha.

Haata'u garuu dargaggoonni keenya ispoortessitoota alaa balballoomsan kunniin ofii ispoortiin gahumsa horatanii akka bahaniif osoo hojjenne jijjiirama fiduun ni danda'ama jedhu Bulchaan Godina Jimmaa Obbo Tijaanii Naasir.

Bulchaan Godinichaa tapha guutuu Oromiyaa tibbana Jimmaatti gaggeeffamaa ture wayita goolabamu haasaa taasisaniin dargaggoonni keenya taphattoota qaalii Awuurooppaa kan faarsan qofa osoo hintaane caalanii kan argaman akka ta'aniif kan daangessu hinjiru jedhu.

Dargaggoonni keenya atileetiksiin maqaa biyyaa waamsisan kunniin baadiyyaa Oromiyaa keessaa kanneen babahanidha, gama ispoortii biroonis caalanii argamuuf kan daangessu akka hinjirredha kan dubbatan.

Oromiyaan burqaa ispoortessitootaa hedduu taatee osoo jirtuu ofii hojjennee caallee maqaa keenya waamsisuu osoo dandeenyuu taphattoota kilabii Awuurooppaa faarsuu qofti misooma ispoortii keenya hinguddisu jedhu.

Kun waan ta'eef dhaloota ispoortiin of gahee



ofirra darbee maqaa biyyasaa sadarkaa addunyaatti waamsisuu danda'u horachuuf irratti hojjechuun barbaachisaa ta'uu kaasu.

Sochiin kun misooma wiirtuulee ispoortii keenyaa ammayyeessuu gaafata jedhanii deeggarsa mootummaan taasisaa jiru cinatti gama dandahamuun tattaaffii barbachisu taasisuun dhaloota ispoortiin ijaarame horachuun barbaachisaa ta'uu kaasaniiru.

Taphattoonni Awuurooppaa beekamoon hedduunsanii baadiyyaa keessaa bahanii seenaa mataasaaniifi kan biyyasaanii jijjiiruu akka danda'an dargaggoonni keenyas deeggarsa mootummaan taasisu cinatti cimani yoo hojjetan Roonaaldoo haaraa ta'uurra darbanii caalanii akka argaman dagatamuu hinqabu

jedhaniiru.

Misoomni ispoortii keenya dhaloota naamusa ispoortiin ijaarameefi gahumsaan of gahee maqaa biyyasaa waamsisuu horachuu waan ta'eef humna guutuun hojjennee jijjiirama fidna kan jedhan ammoo Hogganaa Biiroo Dargaggoo fi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiwoos Sabboogaati.

Ispoortiin guutuu Oromiyaa 26ffaa bara kanaa naamusaa gaariin xumuramuunsaa ga'umsi ispoortii horatamaa jiru olaanaa ta'uu agarsiistuu guddaadha. Ga'umsi ispoortessitoota keenyaa dachaan akka dabaluuuf kanamalees sadarkaa addunyaatti bu'aan akka buusuf sochiifi deeggarsi misooma ispoortii taasisamuu kan cimuu ta'uus hubachiisaniiru.

Wiirtuuleen ispoortii keenya sadarkaasaanii kan eeggatan ta'uu baatanis fedhiifi kaka'umsi jiraanaan lafa yaadan gahuun kan danda'amu ta'uu yaadachiisaniiru.

Dirreefi haala mijataa hintaane keessatti atileetota sadarkaa addunyaatti maqaa biyyaa waamsisan horachuun erga danda'ameetii haalli mijataa muraasallee osoo uumame kanaa olitti gosa ispoortii garaa garaan maqaa biyyaa waamsisuu akka danda'amu agarsiistuu guddaadha jedhu.

Dhaloonni duuba jiru kun abdi egerree biyya keenya waan ta'eef misooma ispoortii eegalame kana keessatti hirmaannaa taasisuun Oromiyaarra darbee biyyasaaf bu'aa buusuuf hojjechuu akka qabu dhaamaniiru.

Misoomni ispoortii gahee mootummaa qofa waaan hintaaneef dhaabbileen gara garaas hirmaannaa taasisuun dhaloota qaamaan cime, naamusaan ijaarame kanamalees ga'umsa ispoortiin biyyaaf bu'aa buusu horachuuf deeggarsaafi aantummaa qaban agarsiisuu akka malan yaadachiisaniiru.

Dargaggoonni keenya ispoortessitoota kan faarsan qofa ta'uu keessaa bahani ofii ta'anii kanamalees caalanii akka argamaniif qophaa'ummaafi kutannaan jiraachuu malas jedhameera.

Ispoortii guutuu Oromiyaa 26ffaa tibbana Jimmaatti gaggeeffamaa ture kun ispoortessitoota kuma shan, gosa ispoortii 21n kan hirmaachise yoo ta'u, hirmaanttotaaf badhaasaafi beekamtii kennuun marsaa 27ffaa Magaalaa Shaggaritti gaggeeffamuuf immoo gamanumaa qophiin taasisamuu akka qabu dhaamuun nagaan goolabameera.

Kilaboonna Tigraay gara liigii piriimeeritti deebi'an

- Baankiin Daldalaa Itoophiyaa liigicha dursaa jira

Finfinnee: Sababa rakkoo nageenyaatiin waggoota muraasaaf liigii piriimeerii Itoophiyaarraa gargar bahaniin kan turan kilaboonna Naannoo Tigraay gara liigichaatti akka deebi'aniif Koreen Raawwachiiftuu Hojii Federeeshinii Kubbaa Miilaa Itoophiyaa murteesse.

Walitti bu'insa dura Naannoo Tigraay bakka bu'uun shaampiyoonaa liigii piriimeerii Itoophiyaa keessatti hirmaachaa kan turan kilaboonna Tigraay, Bulchiinsa magaalaa Maqalee, Sii'huul Shiree Indasillaaseefi Walwaalloo Addigiraat bara 2017 irraa kaasee gara liigichaatti akka deebi'aniif federeeshinichi murteesseera. Murteen kun gaaffii Federeeshiniin Kubbaa Miilaa Naannoo Tigraay dhiheesserraa ka'uun kan kenname ta'uunis ibsameera.

Murtee kanaan kilaboonna Naannoo Tigraay sadan bara 2017 irraa kaasee liigii piriimeerii Itoophiyaatti kan makaman ta'a. Murteen kun kilaboota liigii biyyaaleessaa keessa jiranis kan ilaallatu ta'uu federeeshinichi



Kilaba Baankii Daldalaa Itoophiyaa

ibseera.

Gama biraan walmorkii kubbaa miilaa kilaboota liigii piriimeerii Itoophiyaa kan marsaa lammaffaa torban 22ffaa kilabni Baankii Daldalaa Itoophiyaa dursaa jira.

Barana liigii piriimeerii Itoophiyaatti kan makame kilabni Baankii Daldalaa Itoophiyaa taphawwan hanga ammaatti adeemsifameen qabxii 46n liigicha dursaa jira.

Shaampiyoonichi xumuramuuf taphiwwan saddeet kan hafan yoo t'u, kilaboonna Shashamane qabxii 13n, Hambarichoo Duraamee ammoo qabxii saddeetiin sadarkaa walduraa duubaan sadarkaa 15ffaafi 16ffaarratti argamu. Carraan liigicha keessatti hafuu kilaboota lamaanis dhiphachaa dhufeera.

Kilabni Machaal qabxii 41n Baankii Daldalaatti aanee lammaffaa, Qiddus

Giyoorgis ammoo qabxii 39n sadarkaa sadaffaarratti argamu.

Kilabni Baahir Daar qabxii 37n sadarkaa afuraffaa, Bunni Itoophiyaafi Adaamaan garaagarummaa galchiin walcaalanii qabxii 34n, Bulchiinsi Magaalaa Faasiiliifi Dirree Dhawaas galchiin wal caalanii qabxii 33n sadarkaa shanaffaa hanga saddeettaffaarratti argamu.

Kilabni Hadiyyaa Hosaa'inaa qabxii 31n, Hawaasaan qabxii 29n, Walaayittaa Diichaan qabxii 28n, Bunni Sidaamaa qabxii 27n, Inshuraansiin qabxii 22n, Walqixxeen qabxii 16n sadarkaa saglaffaa hanga 14ffaarratti argamu.

Walmorkiin marsaa lammaffaa torban 23ffaa ammoo Istaadiyoomii Yunivarsitii Hawaasaatti tapha kilaboota Oromiyaa magaalaa Adaamaafi Shaashamane, akkasumas bulchiinsa Magaalaa Baahir Daariifi Dirree Dhawaa gidduutti adeemsifamaa jira. Walmorkichi Ebla 24-27 bara 2016tti kan turu ta'uunis beekameera.